# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII WALALOO SIRBOOTA

# MATA DUREEN ISAANII AMALAKEEFI

# SODAA QAWWEE HIN QABNU JEDHAN KEESSAA

**WARQINAA LACHIISAA**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA GUUTTACHUUF QOPHAA'E**

**YUUNVARSIITII FINFINNEETTI**

**KOLLEEJJII HAWASAAFI NAMOOMAA FAKAALTII**

**QO'ANNOO AFAANIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOOFI**

**OGBARRUU**

**AMAJJII, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII WALALOO SIRBOOTA

# MATA DUREEN ISAANII AMALAKEEFI

# SODAA QAWWEE HIN QABNU JEDHAN KEESSAA

**WARQINAA LACHIISAA**

**GORSAAN: DR.ADDUNYAA BARKEESSAA**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA GUUTTACHUUF**

**QOPHAA'E**

YUUNVARSIITII FINFINNEETTI

KOLLEEJJII HAWASAAFI NAMOOMAA FAKAALTII

QO'ANNOO AFAANIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

AMAJJII, 2014/2021

FINFINNEE

Yuunivarsitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Og-barruu gamisaan guuttachuuf Warqinaa Lachiisaa Xiinxala fayyadama afaanii walaloo sirboota mata dureen isaanii Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu jedhan keessaa sadarkaa ulaagaa yuunivarsitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo____________ Guyyaa ______________

Qoraa Keessaa ____________________Mallattoo _____________ Guyyaa _____________

Gorsaa _________________________ Mallattoo _____________ Guyyaa ______________

________________________________________________________________________

Dura taa’aa Muummee yookaan walitti qabaa Digirii lammaaffaa (MA)

# Galata

Hunda dursa  bara hammaataa bu'aa bayii jireenyaa hunda yaaddoofi hammeenyaan guutame keeessa na dabarsuun guyyaa kanaan kan na gahe waaqayyoo guddaan galatoomi.

Gorsaa koo Dr.Addunyaa Barkeessaa haalli yeroo osoo isaan hin daangessine,yeroo isaanii aarsaa godhanii hojii qorannoo koo milkeessuuf deeggarsa walitti fufaa waan naaf gootaniif guddaa galatoomaa.

Dhuma irratti namoonni kallattii hundaan milkaa'ina qorannoo kootiif gumaacha garaagraa naaf taasiftan ulfaadha.

# *Axereera*

*Qorannoon kun Xiinxala fayyadama afaanii walaloo sirboota Galaanaa Gaaromsaa keessatti dhimma itti bahaman xiinxalameera.Kaayyoon qorannichaas fayyadama afaanii walaloo sirboota Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu jedhan keessaa adda baasuu.qabiyyeewwan fayyadama sana ibsuuf haala qabatamaa hawaasaa aangootti himuun itti danda'amu balballoomsuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala akkamtaatti dhimma bahamee jira.Iddattoon qorannichaa iddattoo akka kaayyoo ta'ee,tooftaa iddatteessuu miti carraati.meeshaan funaansa odeeffannoo sakatta'a dokumentiitti fayyadamuun sirboota filatamanii walaloo sirboota kanaarratti immoo xiinxala gaggeessuun fayyadamni afaanii achi keessaa walitti qabamanii jiru.walaloon sirboota filatamanii saxaxa ibsaa fayyadamuun qoqqooduufi qaaccessuun ka'ameera.ka'umsi qorannichaa fayyadama afaanii walaloo sirba keessatti dhiyeessuun warra aangoo qabutti dhugaa hawaasaa himuu danda'uu isaa, gaaffiii mirga abbaa biyyummaa haala miira namaatti dhagahamuun dhiyeessuu isaa,bakka handhuura Oromoo Finfinnee irratti xiyyeeffachuufi sirboonni sun baay'inaan Oromoo bira taranii ormaanuu dhaggeeffatamuu isaaniiti. Ibsituun kanaas yuutuubii irratti sagalee guddaa argachuun kan daawwatamedha.Sirboonni 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' fayyadama afaanii, ergaa fayyadama afaaniifi fayyadamni afaanii akkamiin faayidaaa aangoo hawaasaatti ibsu qaacceffameera. fayyadamni afaanii ergaan fayyadama afaanii sirba keessatti seenaa darbe hammeenya isaa adda baasuun yaadachiisuufi barsiisuu,rakkoo hawaasa tokkoo ifatti baasee waan mul'isuuf jechoota ciccimoo tokkummaa hawaasaa cimsuu,seenaa hammeenyaa,sirnoonni darban uummata Oromoo irraan gahan waan barsiisufi yaadachiisuf ergaa fayyadama afaaniif xiyyeeffannoon kennamee irratti hojjetamuu qaba.karaa biraatiin Sirbi kun jechoota ciccimoofi miira namaa kakaasan malleen dubbii garagaraa,jechamootaa fi ciigoowwaan fayyadamuun hawaasa Oromoo fincila diddaa garbummaa taasisaa ture akka kaayyoo tokkoof waltumsee mirgaan galuuf akka si'eessituutti jabina waan itti horeef ergaa fayyadama afaanii sirbichaa karaalee garagaraan akka hawaasichaaf ifa ta'uuf irratti hojjetamuu qaba.*

# Hiika jechoota bu'uuraafi gabaajeewwanii

Gumaa= gumaan akka aadaa Oromootti alagaan lammii ofii yoo ajjeese sirna adeemsa eeggatee gatii lubbuu baase bifa araaran jilli qophaa'e matii namni jalaa boqoteefi maatii warra harki darbee ulaagaa araaraa guutanii shanachi walitti araarsudha.

Doloolloo = Yeroo waqtii gannaa sababa roobaatiif lolaan lafa ciree hallayyaa taasisuun bishaan kan keessa yaa'uufi waqtii bonaa bishaanichi goguun bifa sululaa fakkaachuun kan mul'atudha.

Gola =Ummanni Oromoo aadaa ijaarsa manaa kutaa kutaatti qoqqoodu keessaa tokko diinqadha.diinqi mana keessatti bakka maatiin manaa qofti beekaniifi keessummaan hin teenyedha.

Bodee = Meeshaa sibiila qaramaa irraa diina ofirraa ittisuuf Uummanni Oromoo fayyadamaa turan.

Booree = Roorroo ( gochaa hammeenyaa diinaan namarra gahu ).

Gaayyoo = Gosa midhaanii ta'ee birraa kan oomishamuufi nyaata shiroof kan tajaajilu.

Raabaa Doorii = Sirna bulchiinsa gadaa keessatti gulantaa gadaa 4ffaa fi 5ffaawal duraa duubaan qeerroofi qarreen keessa taruun gara gadoomaatti ce'an jechuudha.

Lugna = Dabeessa ,Biyyaaf Lammii isaatiif kan hin dhaabanne,sodaataa.

Gadaa meelbaa = Marsaalee Gadaa shanan Oromoo keessaa isa tokkodha.

Gidiraa = Hammeenya diinni nama irraan gahu

Hadiyyoome = Qe'een maatii guutuu sababa waraanaa yookiin kan biroon yeroo duwwaa ta'u.

Kottoonfachiisa

k.k.f = kan kana fakkaatan.

f = fuula

ykn = yookiin

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Galata ........ i
Axereera ........ ii
Hiika jechoota bu'uuraafi gabaajeewwanii ........ iii
Baafata ........ iv
Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1 Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 3
1.3 Gaaffilee Qorannichaa ........ 4
1.4 Kaayyoowwaan Qorannichaa ........ 5
1.5 Faayidaa Qorannichaa ........ 5
1.6 Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.7 Hanqina Qorannichaa ........ 6
1.8 Qindoomina Qorannichaa ........ 6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 8
2.1 Seensa ........ 8
2.2 Yaadrimee walaloo Sirbaa ........ 8
2.2.1 Maalummaafi Barbaachisummaa walaloo Sirbaa ........ 9
2.2.2 Akaakuu Sirbaa ........ 10
2.2.3 Walaloo Sirbaa ........ 11
2.2.4 Yoomessa ........ 11
2.3 Yaadrimee Fayyadama Afaanii ........ 12
2.3.1 Maalummaa Fayyadama Afaanii ........ 12
2.3.2 Gahee Fayyadama Afaanii walaloo Sirba Keessatti ........ 13
2.4 Fayyadama Afaanii hojii kalaqaa keessatti ........ 14
2.4.1 Fayyadama Jechootaa ........ 14
2.4.2 Malleen Dubbii ........ 15
2.4.3 Jechama ........ 17
2.4.4 Ciigoo ........ 19

2.5 Fayyadama Caasaa ........ 21
2.5.1 Irra deddeebii ........ 21
2.5.2 Gosa Galoommii Sagalee ........ 21
2.5.3 Yaaxxina Qorannichaa ........ 22
2.6 Sakatta'a Wal-fakkii Qorannichaa ........ 23
BOQONNAA SADII: SAXAAXAFI MALLEEN QORANNICHAA ........ 25
3.1 Seensa ........ 25
3.2 Saxaxa Qorannichaa ........ 25
3.3 Malleen Qorannichaa ........ 25
3.3.1 Madda Ragaalee ........ 26
3.3.2 Mala Iddattoo ........ 26
3.3.3 Meeshaa Funaansa Ragaalee ........ 26
3.3.4 Adeemsa Qaaccessa Ragaalee ........ 27
3.3.5 Mala Ragaan Ittiin Qaacceffame ........ 27
BOQONNAA AFUR : QAACCESSA ODEEFFANNOO ........ 28
4.1. Seensa ........ 28
4.2. Qaacceessa Fayyadama Afaanii Sirba 'Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu ' jedhu keessaa ........ 29
4.2.1 Mammaaksaa ........ 29
4.2.2 Jechamoota ........ 31
4.2.3 Malleen Dubbii ........ 33
4.2.3.1 Nameessa ........ 33
4.2.3.2 Arbeessuu ........ 34
4.2.3.3 Akkasaa ........ 35
4.2.3.4 Mitihee /Eemtii/ ........ 35
4.2.5 Ciigoo ........ 36
4.2.6 Jechootaa ........ 36
4.2.6.1 Jechoota Waliinaa ........ 37
4.2.6.2 Jechoota Guyyuu ........ 38
4.3 Fayyadama Caasaa Sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' keessatti ........ 39
4.3.1 Cimsoo /Irra deddeebii/ ........ 40
4.3.2 Bakkisoo/Bakka buusa/ ........ 40
4.3.3 Maljoo Hi'eentaa ........ 41

4.3.4 Dursoo ........ 42
4.3.5 Mirkansoo ........ 42
4.3.6 Hima Ajajaa ........ 43
4.3.7 Hima Himamsaa ........ 43
4.3.8 Hima Gaaffii ........ 44
4.3.9 Bamaqaa Qabeenyaa ........ 44
4.4 Qaaccessa Ergaa Fayyadama Afaanii sirba ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ jedhu keessatti ........ 45
4.4.1 Gootummaa ........ 45
4.4.2 Mirgaan Galuu ........ 46
4.4.3 Iccitii Eeguu ........ 47
4.4.4 Tokkummaa ........ 48
4.4.5 Ejjennoo Qabaachuu ........ 49
4.4.6 Kaayyoo Tokkoof Wal tumsuu ........ 50
4.4.7 Abdii ........ 50
4.4.8 Jaalala ........ 51
4.4.9 Hayyooma /Gamnummaa/ ........ 52
4.5Gahee fayyadamni afaanii faayidaa aangoo hawaasaatti ibsu ........ 54
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 56
5.1 Seensa ........ 56
5.2. Cuunfaa ........ 56
5.3. Argannoo ........ 57
5.4 Yaboo ........ 58
Wabiilee ........ 59
Dabalee A ........ 61
Dabalee B ........ 66
Dabalee C ........ 70
Dabalee D ........ 73

# Boqonnaa Tokko: Seensa

Boqonnaan kun ibsa gabaabaa seenduubee qorannichaa irratti kan kennuufi ,ka'umsa qorannichaaf sababa kan ta'e maali? Waan jedhu irratti kan xiyyeeffatudha.Akkasumas,kaayyoo qorannichaa,faayidaa qorannichaa,daangaa qorannichaafi qindoomina qorannichaa kan of keeessatti haammatedha.

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Afaan hawaasa gidduutti waliigaltee uumuuf gahee inni qabu olaanaadha. Afaan Oromoo damee Afaan Kuush Keessaa tokko ta'ee dubbattoota hedduu qaba. Ummanni Afaan kana dubbatu bal'ina lafaafi baay'ina sabasaatiin Itiyoophiyaa keessatti sadarkaaolaanaa irra jira(Asafaa 2004).

Afaan bakkaafi yeroon kan daangeffamu miti.Kana jechuun afaanitti fayyadamuun waa'ee wantootaafi dhimmoota bakkaafi baraan nurraa fagoo ta'anii kaasuun akka waan amma nu bira jiraniitti irratti mari'achuun walii galuu dandeenya.fakkeenyaaf Afaan Oromootiin mootummoonni abbaa irree fi sanyiin darban dhiibbaa isaan uummata Oromoorraan gahaa turan isa keessa jirruu waliin wal qabsiisnee irratti mari'achuu dandeenya. Afaan waliigaltee ilmaan namaa gidduutti uumuu keessatti iddoo olaanaa qaba.wantoonni jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan ittiin ibsaman karaa fayyadama afaaniitiin ta'a. haalli fayyadama afaanii kun immoo bakkeewwan garaa garaatti bifa adda addaatiin hojiirra oola. (Addunyaa, 2018:4)

Ilmaan namaa haala jiruufi jireenyaaf fooyyeffachuuf tattaaffii taasisuu keessatti walitti bu'uun isaa kan oolu miti.haalli walitti bu'insaa ilmaan namaa kun haala aadaa uummanni tokko jireenya hawaasummaa ofii yeroo dheeraaf adeemsisaa tureen. Wal dhabdeen kun namoota dhuunfaa irraa eegalee hanga sadarkaa biyya guutuutti kan deemu ta'u danda'a.Akka toora interneetii http://www.cause of conflict /business info.co.uk jedhutti sababoonni ilmaan namaa walitti bu'aniif ,rakkoo bulchiinsaa, haamlee walii eeguu dhiisuu,olaantummaadhaan faayidaa garee tokko qofa eegu ,dhiibbaa bakka hojii ,waliigaltee carraa walqixxummaa dhabuun namoonni wal dhabuu danda'u.

Guyyaadhaa gara guyyaatti waanta hedduutu ilmaan namaatti dhaga'amaa oola, roorroo siyaasaa .gammachuufi gadda ta'uu danda'a. miira dhageettii isaanii kana kan ittiin waliif ibsan keessaa tokko weedduun yookiin sirbaani..Kana irraa ka'uunis weedduun karaalee namoonni waan

keessa isaaniitti dhagahame ittiin ibsatanidha.aariifi gammachuu,dhiphinaafi sodaa qaban weedduun ibsatu. Walaloon gama weedduutiin darbu dhimmoota dhoksaatti nama miidhu yookiin fayyaduu danda'an dhugaa jiruun wal qabsiisuun haala keessa isaaniitti dhagahamuun jechoota filatamootti fayyadamuun ifatti baasuuf humna qaba.kana jechuun rakkoo fuulleetti hin mul'anne garuu hawaasa keessa dhoksaan mul'atu sirba yookiin weedduu fayyadamuun dhiibbaafi cunqursaa saba tokko irra ture ifa baasa.(Misgaanuu:2011) Oromoon karaa weedduu isaa waanti hin ibsanne hin jiru. Kana jechuun haala yeroo irratti yaada kennuuf,dhiibbaa siyaasaaf,hawaasa dadammaksuuf,akkasumsa ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirreessuuf kan gargaarudha. Yaaduma kana cimsuun " Songs can be used to report and comment on current affairs,for political pressure,for propaganda and to reflect and mould public opinion"(Finnegan,1970.270)

Afaan kan qoratamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiini.haalli itti fayyadama afaaniis ergaa walaloo sirba tokkoo ni murteessa. Kana jechuunis afaan salphaa yookiin ulfaataatti gargaaramuun ergaan walaloo sirba tokko akka sirriitti darbuufi dhiisuu gochuu danda'a.walaloon sirbaa afaan salphaan dhiyaatu ergaa isaa hubachuun kan nama hin rakkisne yoo ta'u ,kan afaan ulfaataan dhiyaatu garuu ergaa isaa hubachuun ulfaataadha (Clark 1996)

Afaan tokkoon haalaan fayyadamuuf jechoonni baay'ee barbaachisoodha. Hanqinni beekumsa jechootaas, miira ofitti amanamummaa dhabuu nama keessatti uuma.namni walitti dhufeenya jechoonni waliin qaban hubate akkasumas, dandeettii hiika jechootaa gadi fagoo hin qabne caala sodaa tokko malee yaadasaa dubbiidhaanis ta'ee barreeffamaan ibsachuu danda'a ( Alamuu,1994). Dhimmoonni hawaasaa bakkaafi haala garagaraa keessatti rawwatu kun fayyadamni afaanii garaagaraa uumamuufi itti fayyadamuuf qabata ta'u. .Afaan daldalaa, mana murtii,mana yaalaa, mana amantaa, dirree siyaasaa fi Sirbaa keessatti bifa garaagaraatiin dhimma itti bahama. haaluma kanaan walaloo sirba Galaanaa Gaaromsaa 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' jedhee sirbe keessatti jechoota filatamoo garaagaraatti fayyadameera.

Qorannoon kunis, fayyadama afaaniii walaloo Sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' xiinxaluurratti kan xiyyeeffatedha.walaloon sirboota kanaas gaaffii mirga abbaa biyyummaa miira dhageettii qabuun hawaasa kakaasuun kan qabsootti seensise ta'uun qoraticha qorannoo kanaaf kan kakaasedha.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Namoonni afaan karaa garaa garaa fayyadamu.Fayyadamni afaanii garuu walaloo keessatti adda. Kana jechuun namooni hundi haala wal fakkaataan kan hin fayyadamne ta’uu isaati.

Itti fayyadamni afaanii dhimma haalaafi iddoo itti tajaajilu wajjin wal qabatee jijjiiramaa kan deemudha. Itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Wolf (2000:298) akka ibsutti “gaaffilee ijoo xinqooqaa hawaasaa kanneen akka eenyutu,eenyuuf,maal dubbata?yoom?eessatti dubbate?maaliif? akkamitti dubbata ? kan jedhu adda baafachuu qabna” jedha.

Addunyaan (2010:27) waa’ee itti fayyadama afaanii ilaalchisee yoo ibsu immoo “gaaffileen bu’uura afaanii hawaasa kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata? haala hirmaattonni waliin dubbii isaanii irratti qaban kan agarsiisu yoo ta’u ,yoomiifi eessatti kan jedhu yeroofi bakka dubbiin sun itti dubbatame kan ilaallatudha. Maaliif akkamitti kan jedhu immoo afaan dubbatamu sun haala qabatamaa tajaajila maaliitiif akka oolaa jiru kan agarsiisudha”.jedha.

Gareen hawaasaas ta’ee, namoonni dhuunfaan fayyadama afaaniin miira isaanii ibsatu.aartiin tokko haala barbaadameen ergaa isaa akka dabarsuuf fayyadamni afaanii murteessaadha. qoratichas qorannoo kana gaggeessu kan kakaase qabxiilee sadi akka bu’uuraatti kan jirudha. Isaanis fayyadama afaanii walaloo sirbaa keessatti dhiyeessuun warra angoo qabutti dhugaa hawaasaa ibsuu danda’uu, Gaaffii mirga abbaa biyyummaa haala miira namaatti dhagahamuun dhiyeessuufi bakka handhuura Oromoo Finfinnee irratti xiyyeeffachuufi sirboonni sun baay’inaan Oromoo bira taranii ormaanuu dhaggeeffatamuu isaaniiti.Sirboonni diddaa kun lafa Oromoo kan ta’ee alagaan dhaalamee jiru magaalaa Finfinneef sirbamee dhalootaaf ergaa dabarsuun jaalatamummaa argataniiru.

Qabsoo qeerroofi qarree,beektonni abbootiin aangoo barsiisaafi barataan  Oromoo gaggeessaa ture keessatti  tokkummaan hawaasni Oromoo,qeerroofi qarreen,hayyoota  Oromoo, Waa’ee magaalaa Finfinnee irratti gaaffii mirga abbaa biyyummaa  mirkaneeffachuuf hanga ammaatti qabsoo taasifamaa jiru keessatti sirbichi hawaasa dammaksuufi seenaa yaadachiisuun uummata qabsootti seensisuuf gahee guddaa taphatee jira. kunis fincila diddaa garbummaa uummanni Oromoo waggoota darban adeemsisaa ture,dhugaa jiru ifatti baasee ibsuun, uummanni Oromoo eenyumaasaarratti dammaqee mirgasaatiif akka falmatu akka si’eessituutti  miira namaa qabsootti jajjabeessuun gahee guddaa bahaa kan tureefi kan jiru waan ta’eef.

Qabsaa'ota Ilmaan Oromoo mirga saba isaaniitiif biyya isaaniitiif dhiibbaa alagaan irraan gahaa turefi irraan gahaa jiru mormanii mana amala sirreessaa Qaallittiifi Qillinxootti hidhaman hidhaan akka isaan harka hin kennisiifnee jajjabeessuun dhaloota kakaasuun caalaatti qabsootti waan galcheef.Itti fayyadamni afaanii sirbichaa qabiyyeen sirbichaa dhalootaaf ergaa dabarse qoraticha qorannoof kan kakaasedha.

Uummata Oromoo biratti fudhatamaafi jaalatamummaa argachuu isaa Kanaafis ibsituun isaa, bara 2008 eegalee gola Oromiyaa guutuutti kallattii hundaan fincila mootummaa wayyanee irratti uummanni Oromoo taasisaa ture keessatti mata duree dhadannoo sirba 'Sodaa Qawwee hin qabnu' jedhu kanaa maxxanfachuun bakka adda addaatti argamuunsaafi hawaasni Oromoo bakka adda addaatti akka mammaaksaatti 'Sodaa qawwee hin qabnu' jechuun fayyadamuun Kan dinqisiifatamuufi qalbii namaa kan hawwatu ta'uu hubanna.Maddi dinqisiifanna kana immoo itti fayyadama jechoota qabiyyee walaloo sirboota kana keessatti argamanidha.Kana irraa kan ka'e sirboota diddaa Galaanaa Gaaromsaa 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu'jedhu fayyadama afaanii sirbicha keessatti akkamitti akka dhimma itti bahe qoratichi ni qaaccessa. Kanaafuu, dhimma armaan oliitti ibsame kana bu'uura godhachuun Qorannoon kun gaaffilee bu'uura armaan gadiif deebii kenna jechuun abdatama.

Qoratichis kanumarraa ka'uun sirboonni Galaanaa 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' jedhu kun qabsoo uummata Oromoo gaggeeffamaa ture keessatti dinqisiifannaa fi iddoo guddaa qabaachuusaa hubachuun muuxannoo qaburraa Sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' jedhu kana fayyadama afaaniisaa qaacceffamee jira.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

1. Walaloo Sirboota Galaanaa "Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu"jedhan keessatti fayyadama afaanii akkamiitu argama?
2. Ergaan fayyadama afaanii walaloo Sirboota mata dureen isaanii "Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu" jedhan maal fa'i?
3. Gahee fayyadamni afaanii faayidaa aangoo hawaasatti ibsu?

## 1.4 Kaayyoowwaan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kana fayyadama afaanii Sirba‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’jedhu keessaa qaaccessuudha. Kaayyoowwaan gooree qorannichaa ammo; akka armaan gadiitti ta’u.

1. Walaloo sirboota Galaanaa Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu jedhan keessatti fayyadama ibsuu.
2. Ergaa fayyadama afaanii walaloo sirboota mata dureen isaanii Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu jedhan keessaa adda baasuu.
3. Gahee fayyadamni afaanii faayidaa  aangoo hawaasatti ibsu  adda baasuu.

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa fayyadama afaanii Sirba ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ qaacceessuun ibsuu, Ergaa fayyadama Afaanii Sirba ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ adda baasuufi Gahee itti fayyadmni afaanii miira hawaasaa ibsuu irratti qabu  Sirba ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ maal akka ta’e addaan baasuudha.

- Ogbarruu Oromootiif hanga tokko gumaacha ni taasisa.
- Ergaa fayyadama afaanii Sirba ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qbnu’ Jedhu Kun kallaatti adda aaddan; Siyaasaan, diinagdeedhaan, Hawaasummaan, maal maal akka ta’e Uummanni Oromoo akka hubatu taasisa
- Fayyadamni afaanii faayidaa aangoo akka hawaasatti ibsu namoonni hubachuu danda’u.
- Namoota gara fuulduraatti dhimma kanarratti qorannoo bal’aa geggessuu barbaadaniif, odeeffannoon qorannoo kanaa yaada ka’umsaa ta’uun tajaajilu danda’a.

## 1.6  Daangaa Qorannichaa

Xiinxalli qorannoo kun kan xiyyeeffatu  fayyadama afaanii sirboota ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’  jedhurratti. Fayyadamni afaanii qorannoon kun irratti xiyyeeffatus, fayyadama afaanii, ergaa fayyadama afaaniifi  fayyadamni afaaniifi haala qabatamaa hawaasaa aangoo  itti ibsu fayyadama afaanii sirbicha keessaati.

Qorannoon kun Sirboota Afaan Oromoo mararratti osoo gaggeefamee bu’aa argamu mul’isee faayidaa ol’aanaa qaba ture.kana gochuuf immoo humna namaa yeroofi baasii guddaa waan gaafatuuf ulfaataadha. Kanumarraa ka’uun Sirboota Gaalaanaa Gaaromsaa yeroo warraaqsa diddaan siyaasaa bara 2008 Oromiyaa keessatti babal’atee ture, uummata ittiin onnachiisuuf sirbe keessaa sirboota ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ xiinxaluurratti kan daangeffamedha.mata duree kana jalattis fayyadama afaanii keessaa isaan kamitti akka gargaarame addaan baasuun ibsuu,ergaa fayyadama afaaniifi fayyadamni afaanii haala qabatamaa hawaasaa aangoo itti ibsuun fayyadama afaanii sirboota lamaanii adda baasuu.Walumaa galatti fayyadama afaanii Sirboota ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ jedhu qaacceffamanii jiru.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggefamu hanqinni adda addaa muudachuu ni danda’a. haaluma kanaan qorannoon kun yeroo gaggeffamettis, rakkooleen garaagaraa qorataa muudatan ni jiru.kunis tokkoffaa , yeroo qorannichi gaggeffamu yeroo dhukkuba addunyaa gaaga’e COVID 19 waan wal-qabatuuf akka gaariitti hojjechuuf rakkisaa ta’aa ture.Yuuivarsiitii keessatti yeroo gahaa argatee qorannoo isaa raawwachii irratti dhukkubichi rakkoo ta’ee ture.lammaffaa Qorannichi yeroo hojii idileen waan wal qabatuuf yeroo gahaa dhabus, eeyyama gaafachuun fiixaan bahinsa qorannoo kanaatiif carraaqqii kan taasisedha.karaa biraatiin gorsaa isaa waliin Sababa COVID19 fi Labsii yeroo muuddamaatiin qaamaan wal arguun dhorkaa waan ta’eef hojii hojjetame email gabaasuun yaada ijaarsaa irraa fudhachuun qorannicha milkeessuu danda’eera.walumaagalatti kitaabilee gara garaa sakatta’uudhaan qorannoon kun akka fiixaan bahuuf tattaafatee jira.

## 1.8 Qindoomina Qorannichaa

Xiinxalli Qorannoo kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan qindaa’edha. Boqonnaa duraa ariirrata yommuu ta’u, ka’umsa qorannichaa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaa qorannichaa kan ofkeessatti haammatudha.boqonnaa kana jalatti haala waliigala qornnichaafi gaaffileen ka’umsa qorannichaa bal ‘inaan kan ibsamanidha.

Boqonnaan lammaffaan sakatta’a barruu, dhimmoota qoranichaa waliin walitti dhiheenya qabaniifi yaadrimee sirbaa, maalummaa sirbaa, faayidaafi akakuu sirbaa, yaadrimee fayyadma

afaanii,Fayyadama afaanii, malleen dubbii, jechamoota caasalee fayyadama afaanii, Ciigoo,Jecha,Fayyadama Caasaa,Gosa Galoommii,gahee fayyadama afaanii sirba keessatti,yaaxxina qorannichaafi barruuwwaan walfakkii wal-duraa duubaan dhiyaatu.

Boqonnaa sadaffaan saxaxaafi malleen qorannoo yoo ta'u, malleen qorannichaa, madda ragaalee, mala iddattoo, meeshaa funaansa ragaalee mala ragaan ittii qaacceffamu kan qabudha.boqonnaan kun mala qorannichi ittiin adeemsifamuuf saxaxni qorannichaa kan itti ibsamedha.

Baqonnaa afraffaa xiinxala odeeffannoo qorannichaatu dhiyaata. Odeeffaanoon walitti qabamee akkaataa wal fakkaatuufi barbaachisummaa isaatti qoqqoodamee saxaxa qorannichaatti fayyadamuun qaacceffamuun kan hiikamu ta'a.

Boqonnaan shanaffaa, Cuunfaa,argannoofi yaada furmaataa/yaboo /qorannichaatu dhiyaata. Cuunfaan qorannicha waliigalaa gabaabbinaan kan ibsamedha.argannoon yookiin bu'aan qorannicha irrraa eegamefi yaboon qorannichaa ibsamanii jiru.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1 Seensa

Boqonnaan kun barruuwwan waa’ee qorannoo kanaa cimsan dabalatee qorannoowwaan aantee kana dura hojjetaman of keessatti haammata.Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti kan ilaalamus;yaadrimee Sirbaa,maalummaafi barbaachisummaa Sirbaa,Akaakuu Sirbaa, walaloo Sirbaa,yoomeessa,Yaadrimee Fayyadama afaanii,maalummaa fayyadama afaanii, gahee fayyadama afaanii sirba keessatti,akaakuu fayyadama afaanii,fayyadama afaanii hojii kalaqaa keessatti barruuwwan wal fakkii,yaaxxina qorannichaa of keessatti qabatee jira.

## 2.2 Yaadrimee walaloo Sirbaa

Namoonni osoo barreeffamaan yaada ofii ibsachuu hin eegaliin duras ta’e erga sirna barreffamaa fayyadamuu eegalanii wanta isaanitti dhagahame kanneen akka: gadda, gammachuu. jaalala,jibba,siyaasa deeggaruufi mormuu, jajjabeessuuf walalootti fayyadama dabarfachaa kan turaniifi kan jiranidha.Kanuma ilaalchisee (Tasammaa,2000:1) akka ibsutti, “Songs are one of the most imporatant cultural activities of the Oromo in which they express their feelings.they are sang by individuals or groups depending on the situations” kana jechuun;Sirbi Aadaa hawaasa Oromoo keessatti yaada keessa ofii ittin ibsachuudhaaf bakka olaanaa qaba.Sirbi kun namoonni waliin ta’uudhaan yookiin kophuma isaanii weellisuu danda’u jechuudha.

Yaada kana Misgaanuun (2011:70) Encyclopedia Brititannica (vol,4;864)wabeeffachuun yommuu ibsu “folksong is one of the most enduring forms of folk literure (oral litureture) typically asong that lives inoral tradition learned though hearing and performing that reading and disminated with families restricted social net work” jedha.Yaada kanarraa kan hubatamu, (sirbi) gosa og-afaanii yeroo dheeraa jiraatu ta’ee keessattuu sirbi kan aadaa og-afaanii keessaatti argamu,kan karaa dhaga’uufi hojjechuu baratamu kan maatii garee hawaasaa murtaa’aa biratti bal’inaan argamudha.

Ogafaan akka qorannoof tolutti goorowwan lamatti qoodamu.Isaanis, Afwalaloo (Oral poetry) fi ogafaan seenaffamaa (narrative oral literature) jedhama.Afwalaloon kanneen dhiyaatan,sirba aadaa,weedduu, geerarsa,faaruu loonii weedduu ateeteefi urursa daa’imanii yoo ta’u, kanneen seeneffamaan dhiyaatan immoo oduu durii, mammaaksa,sheekkoo,eebbaafi abaarsa fa’i (Hiikaafi Alamituu, 2011:134). Qorannoo kun garuu goorowwan ogafaanii keessaa afwalaloon

kan dhiyaatu Sirba irratti adeemsifamuuf jira.Afaan Oromoo gosa Afaan kushiitik jedhama. gaanfa afrikaa keessaa uummanni harki guddaan afaan Oromoo dubbata.Baay'inni uummata Oromoo kan afaan Oromoo afaan dhalootaa ta'eef miliyoona 40 ta'u.

Yaada kana cimsuun Asafaa (2009:12) yoo ibsu "Afaan Oromoo Afrikaa keessatti afaanota sadii, arabaa,swaalii fi hawusatti aanee afaan sadarkaa 4tti dubbatamu.Itoophiyaa keessatti afaan uummata %40 oliin dubbatamuun afaan duraati jedha." Afaan Oromoo Oromiyaa fi biyyoota Oromiyaa daangessan keessatti hedduminaan dubbatamuyyuu imaammatni mootummaa guddina afaanichaatiif rakkoo ta'ee ture.Afaan ogbarruu akka hin taaneef bara dheeraaf dhiibbaa cimaatu irra kaa'amaa ture.kanaaf afaan Oromoo baroota dheeraaf afaan afoola qofa ta'ee ture.Afaan Oromoo afaan og-barruu akka hin taaneefi meeshalee sab-qunnamtii kan akka raadiyoon ummatni itti hin tajaajilamneef mootummaan habashaa ifatti dhorkee ture.Yaada kana cimsuun Asafaan (2009:12) yoo ibsu "*Afaan Oromoon barreeffamuun seenaan isii fagoo egaa taatee,akka jalqabbii duraa itti hin fufiin hafuun isii okkoluun isii, afaan katabbii,afaan hojii afaan barnootaa afaan qo'annoo ta'uu dhabuun isii dhiibbaa gita bittaa habashaa irraan geette jechuun ibsee jira*".

## 2.2.1 Maalummaafi Barbaachisummaa Walaloo Sirbaa

Jechi sirba jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkamuu danda'a.haata'u malee sochii qaamaa osoo hin tane walaloo yeedalloon sagaleeffamee, hurrubummaan dhugoomudha.sochii qaamaa garuu maqaa ittiin beekamu qaba.Isaanis; hurruubbii jedhama.Naannnoo Oromiyaa keessattis, hurruubbii gosa adda addaatu argama.Fakkeenyaaf, shagooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummeefi kkf kaasu dandeenya. (Fedhasaa, 2019:61)

Egaa Sirbi walaloo yeedalloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammo hurruubbi yeedalloo sanaa waliin walmiidhaksee kan dhiyaatu ta'uusaa hubanna. Kanaafuu sirbi hurrubbiin wal-qabata jechuudha

Walaloon sirbaa adda addaa irratti qindaa'ee, meeshaalee muuziqaan wal-simsiifamee kan dhihaatudha.Yaada kana Nagariin (1995: 5) Helmoon wabeeffachuun yoo ibsu "song is lyric poem adapted expression song lyric are usually short sample sensours, emotional herhaps the most sponaneuos lyric form jedha".Weedduun gootaa gosa weedduu aadaa keessaa tokko ta'ee kan goota (gootummaa) jajjabeessuuf gargaaruudha.

Sirboonni akkaakuu afoolaa keessaa isaan tokko ta'anii Kan nama bashanansiisaniifi bohaarsuuf oolanidha.Akkuma beekkamu hawaasni keenya yeroo durii irraa eegalee hanga ammatti sirbootaafi geerarsatti gargaaramuun wantoota adda addaa ibsachaa kan tureefi ammas ibsachaa kan jiruudha.Sirbi aadaa uummata tokko keessatti bakka guddaa kan qabuufi yoom akka itti fayyadamnu illee kan beekkamudha. Sirbi kan sirbamu dhimmoota hawaasummaa kanneen akka jaalalaa, jibbaa,diddaa, roorroo, jajuuf mormuuf,gootummaaf ta'ee waa'ee Saba tokkoo kan ittiin Saba biraaf,waa'ee biyya tokkoo biyya biraatiif ittiin ibsanidha.faayidaa adda addaa kan qabuudha.Kana jechuun hawaasni tokko gammachuu,gadda, jaalaala jibbaa, quuqama, rakkina fi bal'ina isaa sirbaan ibsachaa kan tureedha.namni tokko yommuu aare aarii isaa kana bifa sirbaatiin ibsata.yoo gammades, rakkates, gaddes, jaalateefi jibes,akkasuma jechuudha.

Yaadota armaan olii kanarraa wanti hubatamu sirbi sochii qaamaafi yeedalloo adda addaan miidhagee akkaataa miira namaa tuquu danda'uun kan dhiyaatu ta'uusaa hubannaa.namoonni ilaalcha waan tokkoof qaban waan jajuu barbaadan, qeequu barbaadaniifi waan isaatti dhagahame miira isaanii sirbatti fayyadamuun dabarfachuu akka danda'an hubanna.

### 2.2.2 Akaakuu Walaoo Sirbaa

Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kanneen biro dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniini. yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu yeedaloo isaa waliin kan hin qabnes akkuma jirutti kan darbudha.akaakuuwwan sirbaa kanneen yeedaloodhaan daddarban kan akka sirba siyaasaa, weedduu jaalalaa,sirba cidhaa, sirba ateetee,sirba daboofi k,k,f.dha.(Misgaanuu 2011:62)

Fedhasaan (2013;49) akka ibsetti "Walaloon afwalaloon Oromoo bakka gurguddaa torbatti qoodama jechuunibsa. isaanisgerrarsa, weedduu, faaruu, sirba, eebba, gumgummiifi tabaalliidha "Akkasumas,(Tasammaa 2000) akka ibsutti "There are different varities of songs some of which include in love songs,religious or spiritual songs,birth songs,death songs,songs expressing seasonal changes, political songs which also reveal personal achievements and problems" jedha.Akaakuuwwan sirbaa kunis sirba jaalalaa,sirba siyaasaa,sirba amantii,sirba guyyaa dhalootaa, sirba guyyaa du'aa ,sirba jijjiirraa bara haaraa jedhamuun kan ibsamanidha.

### 2.2.3 Walaloo Sirbaa

Walaloon Sirbaa ogafaan walaloodhaan dhiyaatan keessaa isa tokkodha.Galmeen jechoota Afaan Oromoo (1996) Akkaadaamii Afaan saboota Itiyoophiyaatiin maxxanfame sirba yommuu ibsu "walaloon sirba gaarii isaa kaasanii sirbuu,daboon loon faarsanii sirbuu,gocha gaariin maqaa namaa kaasanii sirbuufi k,k,fdha. Akkasumas,Fiqaadee (1991) kitaaba wiirtuu jildii 8ffaa keessatti yeroo ibsu. "with in any community various criteria are used in idenfying the different kinds of songs and chants performed there by subject matter by the kinds of instrument by the style of vocalization ,by association to which the performance belongs.by the association during which the performance is some and by several others criteria jedhe ibsa akka yaada qo'ataa kanaatti sirbi bifa walalootiin kan dhiyaatu jechuu isaati. Akkasumas,Walaloon sirbaa jechoota kan qusatu,jechoota muraasaan ergaa bal'aa kan dabarsu gosa barreeffamaati.barreeffamoota kanneen biro caala jechoota ciccimoo ta'aniin kan dhiyaatuufi,sararoonni walaloo tokkoon tokkoo isaanii wal irratti hirkachuun ergaa kan dabarsanidha.walaloon burqaa jechoota afaan tokkooti (ዛሪሁን አስፍው,2007).

### 2.2.4 Yoomessa

Jechi kun jechoota of danda'an ' yoomiifi eessa' jedhu irraa uumaman. Isaanis yeroofi bakka waanti tokko itti raawwatu agarsiisu.ogaafaanis yeroofi bakka itti raawwatu qaba.isatu yoomessa jedhama.yoomessi raawwii ogafaanii murteessaadha.fakkeenyaaf sirbi siyaasaa, yeroo dhiibbaan siyaasaa gama moototaan yookaan kanneen olaantummaa siyaasaa qabaniin hawaasni tokko dararamu dararaa sana ofirraa qolachuufi wal onnachiisuuf sirboota kanatti kan dhimma bahanidha.Ogaafaan raawwii isaa ilaalchisee yeroo hundaafi bakka hundatti akka hin taane ,yoomessa murtaa'e akka qabu qalbeeffachuun ni danda'ama.Hawaasa Oromoo keessatti geerrarsas ta'ee sirboonni siyaasafi kan biroon yoomessa mataasaanii kan keessatti raawwatamaniif sababa maaliif akka raawwatan ni qabu.Yoomessi bakkaafi yeroo ogafaan tokko itti raawwatame qofaa osoo hin taane haala (context) inni keesstti raawwate ibsa (Misgaanuu2011).

## 2.3 Yaadrimee Fayyadama Afaanii

Ilmi namaa jiruuf jireenyaa isaa keessatti wantoota isaan walitti fidan qabu.wantoota kanneen keessaa tokko fayyadama afaaniiti. Fayyadamni afaanii irra caalaa kan gaggeeffamu, kallatti dubbiitiin, akkaataa itti gaggeeffamurratti garuu wal-hin fakkaatu.sababni isaas haalli namoonni keessatti fayyadaman bakka, umrifi saala akkasumas sadarkaa barnootaatiin yookiin jireenyaatiin garaagarummaa qabaachuu danda'a.

Addunyaa (2018:166).Akka ibsetti “fayyadama afaanii jechuun naamusa dandeettii afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee akkaataa afaan itti baramuufi addunyaa'aa ta'e keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha”.

Eric K. Acton (2014).Yeroo ibsu “Language use draws all kinds of influences concerning the opinions, moods, back grounds, and social relations of speakers on the basis of what they say and much of what is conveyed depends only directly”. Itti fayyadamni afaanii Hawaasni gama hundaan xiyyeeffannoofi dhiibbaa yaadaa,ilaalchaa,seenduubeefi walitti dhufeenya hawaasummaa dubbii isaanii keessatti kallattii qofa oso hin taane al kallattiittis dhimma kan bahanidha.

### 2.3.1 Fayyadama Afaanii

Afaan guutummaan kan ilma namaa kan ta'e ,mala wal jijjiirraa yaada,fedhiifi miiraa (feeling) ofii ittiin ibsatanidha.Afaan karaa yaada ittiin dabarfatan keessaa isa ijoo waan ta'eef hojii kalaqaa keessatti gahee guddaa qaba.Qabiyyeen ogbarruu tokkoo dubbistootaaf yookiin dhageeffattootaaf ifa ta'uu fi ta'uu dhiisuun isaa kan madalamu karaa fayyadama afaaniitiini.jechoonni hammam kan filataman yoo ta'an iyyuu kana jechuun sirbaan yookiin bareessaan fakkii naaf uumu,yookiin yaadaan dhageeffattootaaf yookii n dubbistootaaf dabarsuu barbaade haala gaariin naaf dabrarsu jedhee jechoota inni filate yoo ta'aanillee iddoo sirrii ta'etti haala seera qabeessaa ta'een yoo itti hin fayyadamne ta'e,miidhagina afaanichaa ibsuu dhiisuusaatiin alatti sirbichi yookiin barreeffamichi dhama akka hingodhanne taasisa

Yasin Khosh and Fereshte (2016) “Language use can be defined as the continuous making of linguistic choice,therefore language use theory be able to make sense of this making of choice.in speech and writing in order to produce meaning ,language that is studied,usually in order to see

how diffwerent parts of a text are connected”.dubbii afaaniifi barreeffamaan yeroo ergaa dabarsuuf hiika itti uumnu, yeroo hunda qaama afee sanaan alatti wal qabsiifne ilaalla jechuudha.

Yaada kana ilaalchisee,Gabii (2015: 5)Copper wabeeffachuun yoo ibsu “xiyyeeffannoon xinqooqa garaagarummaa afaan tokkoo yookiin looga tokko keessatti haala dubbiin, seerlugaan yookiin jechan uumamuu yookiin addaa addummaa afaanota yookiin looga jidduutti umudha.Fayyadamni afaanii afaan dagaagsuufi hubannaa kennuu irratti shoora guddaa qaba.Gahee fayyadamni afaanii jiruufi jireenya dhala namaa keessatti taphatu balballomsii isaa yaaxxina fayyadamafi hojiirra oolmaa isaa kan qoratudha.Goldman(1998) yoo ibsu “Language use is concerned with the promoting our understanding of the role of language play in human life at its centers are theatrical investigation real world issues in which language plays leading role “ jedha.Fayyadamni afaanii hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa’ee garaagarummaa afaan fayyadamuu akka danada’an hubachuun ni danda’ama.namoonni haala sochii jiruuf jireenya isaaniirratti hundaa’anii fayyadama.

## 2.3.2 Gahee Fayyadama Afaanii Sirba Keessatti

Yaada kana Misgaanuun (2011:61) yoo ibsu “Afwalaloon yeroo irratti hundaahee dhimma siyaasaa, diinagdee, jireenya hawaasummaafi jijjirama naannoo waliin wal-qabatee haala yeroo irratti yaada qeeqaafi ilaalcha ofii ibsachuudhaaf kan Oromoon yeroo garagaraa gargaaramudha.Dabalataan Af-walaloon Oromoo yaada bilchaataafi falaasamoota adda addaatiin kan beekamedha.kun immoo namoota hawaasa keessatti muuxannoo fi beekkumsaan beekamaa ta’antu dhimma itti ba’a jedha.” Sirbaatti gargaaramuudhaan namoonni,quuqqaasaanii,ni ibsatu,diddaa ni agarsiifatu,gootummaa sabni oromoo qabu ni ibsu,tokkummaafi wal-dhageettii sabni oromoo waliif qabu ni ibsu,sabni oromoo mirgasaaf yeroo qabsaa’u dhiibbaafi gidiraa hundaaf osoo hin jilbeeffatiin akka qabsaa’u jajjabeessa,qabiyyeen sirbaa, Abdii ,jajjabinaa Sirba tooftaa agarsiisan Sirba gootummaa Sirba jaalalaafi Sirba jajumsaa gargaaramuun hariiroo,gootummaa, jaalala qomoo, eenyummaa Sabni Oromoo qabu namootaaf,Oromoota walii isaaniifi Saboota birootiif ibsa.

Namoonni baay’een Afwalaloo gargaaramanii jireenya keessa jiran qeequ, waan gaarii deeggaru, isa gadhees ni mormu, dhaloota ittiin gorsu, akeekkachiisu, fakeenyaaf afoola Oromoo keessaa geerarsa ajjeesaa fudhachuu dandeenya. (Fedhasaa 2019:27)

Fekade (2007:13) ibsu “ walaloon dalagaan akkasumas, haalli dhiheenyi isaa yeroo hedduu afaaniin kan darbu walaloo uummataati jechuun ibsa.gama biroon ogwalaloon gosa aartii yeroo duriii kaasee kan jiruufi dhalli namaa baroota dheeraaf gadda, gammachuu, amantii, hawwii, fi fedhii ,haala jiruuf jireenyaa,muudannoo isaanii haala addaa addaan itti weeddisaniifi faarsaa turan jechuun addeessa.”

Yaada hayyoonni adda addaa kaasaan kanarraa wanti hubatamu,og-walaloon waan tokko yookiin gochaa tokko guddisee, qalama, dibee, ibsaa irratti ibsee,cimseefi gabaabsee jechootaa filatamoosaatiin kan qindeessee dhiheessuufi yeedalloo isaatiin miira namaa qirqirsaatii kan dhiheessu ta’uusaa hubanna.Sirbis jiruuf jireenya ilma namaa keessatti bakka ol’aanaa fi guddaa qaba.Sirboonni hawaasni itti fayyadaman afaaniini.jireenyi ilma namaa guyyaa guyyaan dhimmoota garagaraatiin kan guuttamedha.Sirbi muuxannoowwan hawaasa adda addaa keessatti rakkoolee mul’ataniif, karaa ittiin ibsatanidha.kunis, gadda gammachuu diddaa,roorroo,falmii, jaalala,jibba,quuqqaa,qeeqa akkasumas,gorsuuf,jajuuf,tuffachuuf,jajjabeessuufi qeequuf sirbatti fayyadama.Sirbitoonnis afaanitti fayyadamuun yaadasaanii kan ibsataniifi quuqqaa keessa isaanii of keessaa ittiin bafataniidha.

## 2.4 Fayyadama Afaanii hojii kalaqaa keessatti

Og-barruun hojii kalaqaa /uumee/ sammuuti.Garuu waan kallattiin dhugaa gabasuu miti.dhugaa hawaasummaan jiru cinaa galaan hima.kalaqaan waan qabatamaa tokko, yoomessa jijjiiruun tarii waan ta’uu danada’u fakkeessee uuma.Waan uume sanas, sammuun qindeessee afaaniin dhageeffattootaaf dhiheessa.Dhageeffattootnis, ta’an dubbistootni waanuma beekan Sana akka addaatti hubatu.ta’us waan sana kallatumaan bakka jedhame sana yoo barbaadan hin argatan badhaadhinniifi gadi fageenyi yaadaas, gabaasaa dhugaarraa adda taasisa.(Fedhasaa 2019:12)

### 2.4.1 Fayyadama Jechootaa

Jechoonni haala qindoomina qabuun yoo ijaaraman dhaggeffataa yookiin dubbataa itti gargaaramuuf,ergaa ifa ta’e dabarsuu danda’a.Barreeffamni tokko haalaan qindaa’ee hiikaa akka kennuu gochuuf akkasumas miira dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessaadha.jechootni kunis,bifa garaagaraan hima yookiin barreeffama keessatti argamuu danda’u.isaan kunis,hiika wal-fakkiin hiika galumsaan,hiika faallaan,hiika sirriifi dhokataa, akkasumas hiika bifa jechamaa,ciigoo,dubbii qolaa ta’uu danda’a.barreesitootni tokko tokko ta’e

jedhanii jechoota kalaqanii yoo barressaan ni mul’ata. Jechi ofdanda’ee dhaabbachuun hiika mataasaa kan qabu dha. Asirratti jechoonni hundinuu of danda’anii dhaabbachuun hiika walqixa ta’e nuuf laatu osoo hin taane jechoonni ofdanda’anii dhaabbachuun hiika ifaa nuuf hin laanne ni jiru.jechoonni akkanaa kun jechoota serluga (functiona words)jedhamu.kan ofdanda’anii hiika ifaa nuuf laatan immoo jechoota Qabiyyee ( content words) jedhamu.ijaarsa himaa keessatti jechoonni ijaarsaan kan biroo ta’uun tajaajilaan immoo waan biro ta’anii gargaaruu ni danda’u (Mirreessaa,2014). Jechoota loogaa, Geetaachoo (2018:56) “Afaan tokko keessatti garaagarummaa mul’atu garaagarummaa dubbii yookiin loogaa jedhama” jedha

Jechoota Afaan biroo Yeroo waa barreessinu jechoota afaan biroo afaan tokko keessatti yeroo fayyadamnu al-idilee ta’uu danda’a.jechoonni kunneen uumamaan jechoota al-idilee osoo hin ta’iin haala itti fayyadama keenyaatu al-idilee godha.Kunis, kan ta’u jechoota afaan birootti fayyadamuun yaada yookiin waan jedhamu afaansaanitiin ibsuu dandeessu qabduu jecha afaanichaa dhiisnee yoo jecha afaan birootti fayyadamnudha (Geetaachoo, 2014:59)

Jechoota FallaafiWal-fakkii; Kun walitti dhufeenya jechoota wal-morkatan lama jidduu jirudha.walitti dhufeenya jechootaa kana bakka garagaraatti qooduun ilaaluu dandeenya.Isaanis; faallaa sadarkaa, faallaa qaraa, faallaa waliinlaafi kkf ta’a

Faalla Sadarkeessaa; jechoota waliin madaaluuf, tajaajilaan dhiyeessuun kanatu xiqqaa, kanatu, guddaafi kkf jechuun adda addummaa jiru kan agarsiisuudha. kan biroon faallaa qaraati**.**faallaan qaraa wantoota duuchaan faallaa walii ta’an agarsiisa. Akkasumas,faallaa waliinaati.wantoota waliin ilaaluun garaagarummaa isaan gidduu jiru addaan baasuudha. (Addunyaa, 2018:113)

### 2.4.2 Malleen Dubbii

Malleen dubbii haala dubbii kan barreessaan yookiin waloon tokko dubbii isaa mi’eessuuf ,addeessuuf, ho’isuuf, miidhaksuuf, akkasumas akka dubbisaan yookiin dhageeffataan hubatuuf faallessuun /maquun/yaada isaa qindeeffatu ilaala.malli dubbii akkanaa kun wanti lubbuu hin qabne,akka lubbuu horatuuf, kan dimimmisa keessa jiru akka ifuuf, wanti xiqqoon akka guddatuuf, wanti hin mul’anne akka mul’atuufi k.k.ktiif ga’ee guddaa qaba.Og-walaloon amala uummamaatiin bocaafi halluu waan tokkoo kan biraatiin wal-fakkeessa.firoottan wal-faallessa, diinota walitti araarsa,amala tokkoo tokkoof agarsiisa.yookiin immoo kan birratti kenna Misgaanuu(2012:75)

Yaada armaan oliirraa wanti hubatamu, malleen dubbii, dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuu irra wanta hawaasa keessatti qalaqamuun wal-qabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhageeffataa keessatti kan mul'isu yookiin kaa'udha.malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti ga'ee ol'aanaa qaba.kana ilaalchisee Addunyaa (2014:2008) akka ibsetti "malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha" jedha. Malakinen (1999:64) yoo ibsu "malleen dubbii bifa ittiin yaada ibsan ta'ee jecha beekkame yookiin baratame, akkasumas, tartiiba himaa dhiibbaa addaa uumuf godhamudha.kunis, ergaan isaa barreeffamaan isa ta'e irraa kan darbudha.yaada kanarraa kan hubatamu, malleen dubbii akkaataa namni tokko hasawa duraan beekurraa akkaataa adda ta'een nama biroof ittiin dabarsuuf kan tajaajiludha.kana jechuun yaada dubbatamu tokkoof hiikni kennamu sun hiika duraarraa haala dhokataa ta'een kan dhihaatudha

Namoonni wal-qunnamtii yeroo garagaraa godhan keessatti wanta yaadan, fedhan, beekumsa, gadda, gammachuu, ilaalchaafi kkf waljijjiiruun jecha afaan gargaaramu, afaan kunis jecha dabarsuu barbaadan kallattinis,ta'ee alkallattiin akka dabarsan isaan gargaara.Malleen dubbii sammuu dhaggeeffattootaa tokkoo keessaatti,fakkii uumuun akka ergaan sun gadfageenyaan hubatamu taasisa.Adduunyaan.(2014) "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha."

Yaada kanarraa wanti hubatamu, malleen dubbii sirba keessatti kan sirbamu ergaa dabarfachuuf barbaadame haala salphaa ta'een dabarfachuudha.Karaa biraatiin malleen dubbii sadaadhaan waan lama wal moggaa qabuun yookaan waan tokko waan biraatiin agarsiisuufi ibsuu akka ta'e hubanna.malleen dubbii kunnenis, Akkasaa, Iddeessaa, Nameessaa, Arbeessaafikkf jechuun ni danda'ama.armaan gaditti ibsamanii jiru.

Akkasaan gaalee "akka, hanga, fakkata,ni gaha,ni morka,jedhanitti gargaaramee wantoota adda addaa lama wal-bira qabee ibsuun sammuu dubbisaa yookiin dhageeffataa keessatti suuraa kaasa.Addunyaan(2014:208)"akkasaan ergaaa barbaadame,waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal-bira qabuun dhiheessuudhaan akka salphaatti hubatamuu kan taasisudha"jedha.Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee wantoota lama yaada ,amala, gochaafi kkf irratti hundaa'uun waldorgomsiisuun yookiin wal-madaalsisuun kan dhiheessudha.kanaafuu akkasaa dorgomsiisaa wantoota lamaati.akkasaan wantoota garaagaraa jechoota 'akka'fakkataafi 'hamma jedhan fayyadamuun wal-fakkeessa.(Rabbirraa 2011:186)

Malli dubbii inni kan biroon immoo iddeessa.Iddeessi, amala waan tokko qabu guutummaan guutuutti wantootaaf biroof kennuudha.Addunyaa (2014:210) “iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta’een wantoota hawaasa keessatti beekkamaa gargaaramuun amala wanta tokkoo wanta biraaf kennuun karaa dhokataa ta’een wal-dorgomsiisuun dhiheessa.

Inni kan biroo nameessuudha.nameessuun lubbu-dhabeeyyiif yookaan uumama namaan alaatiif amala nama kennuun wanti akka namaatti dubbatu kolfu gaddu dheebotu beela’u.gammadu, dheekkamu taasisuudha (Misgaanuu, 2012:82)

Akkasumas Malleen dubbii keessaa tokko kan ta’e Arbeessuudha. Malleen dubbii kun waan tokko gad-buusuufi olbaasuun dhiheessuudha.Addunyaa (2014:214) “waan tokko guddisanii hamma arbaa kineessanii immoo hanga huubaa taasisuu jedha” jedha.haaluma kanaan sirbatti fayyadamanii wanta tokko garmalee olkaasuu yookiin xiqqeessuun wanti sun kan hin taane taasisanii dhiheessuun jira jechuudha.

### 2.4.3 Jechama

Jechamni qaama gubbaarratti hiika ifaa ta’ee qaama keessatti ammo hiika dhoksaa kan qabudha. a aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaacisaadha” jedha.Jechamni afoola luga Oromooti.haasawa yookiin dubbii keessatti yaada ergaa dachaa qabuun luga Oromoo keessatti fayyadamuun wanta beekkamu jechamni haasawa mi’eessuu bareechuuf gala.hiikooleen jechamichaatis qaama kan gubbaarrattii hiika ifa ta’e ibsamuufi qaama keessatti immoo hiika dhoksaa ni qaba.

Jechama qaama namaa bu’uureffate;Akkaakuun jechama kanaa irra caalaa jechoota qaamolee namaa bakka bu’an bu’uura taasifachuun ergaa barbaachisu dabarsuu yaalu.inni biraa Jechama lubbu qabeeyyii biroo bu’uureffatu,jechamni maqaa lubbu qabeeyyii namaan ala jiranii da’oo taasifachuun ni dubbatamu.ergaan isaan dabarsanis, amala lubbu qabeeyyii sanaa bu’uura taasifachuu danda’a.Akkuma jechamoota qamolee namaa da’oo taasifatanii dubbatamanii hiikas ta’ee unki jechoota lubbu qabeeyyii kana bakka bu’anii irraa hiikni jechamummaa isaanii adda ta’a” jedha.Jechama lubbu-Maleeyyii bu’uureffate**;**jechamni akkuma namaafi lubbu qabeeyyii biro bu’uureffachuun dhimma itti ba’aman lubbu maleeyyiis ni bu’uureffatu.Amalli jechamoonni duraan xiinxalle qaban,haala kana keessattis,ni calaqqisa.Kanaafuu,fakkeenya qabatamoo kan hawaasicha biratti yeroo hundaa dubbataman muraasa fudhachuun i bsa gabaabaa laannee

dabarra.fakkeenya.dhadhaa ibidda bu'e jechamni dhadhaa ibidda bu'e jedhu kun irra waan deebi'ee argamuu hin dandeenye agarsiisa jedha (Addunyaa 2018:123).

Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qarudha.yaada kana akka armaan gadiitti kaa'aa.Jechamni jecha gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aaf sammuu namaa afferujechuun ni danda'ama.jechamni akkuma jiruun hiika fulduraafi duubaa qaba.hima keessa yoo gales qofaa yoo dhaabbates, hiika dhaanquu qabatee tura.yeroo baay'ee hiika dhokataa sana mul'isuuf himamamajechamni dubbii hawaasni cinaa galaan dubbatudha.akka rakkoon irra hin geenyeef yaada dhokataan jechootatti fayyadamnee waan jechuu barbaade hima.namni dhageeffatu ammoohaalaan wal-qabsiisee xiinxaluun hiikasaa dhokataa argata.kanaafuu,hiikni jechama hawaasaa keessatti beekakma.jechama Oromoos yoo fudhanne,hawaasichatu itti fayyadamuun dubbii kooba.kanarraa kanka'es hawaasichaan ala hiika hin qabaatu .waa'ee jechamaa ibsuuffi ija hawaasichaan xiinzaluun barbaachisaadha.dhimma maaliif haala akkamii keessatti akka itti fayyadamnu hubachuun sadarkaa jechamni itti argamuuf hubachuuf nu fayyada.dhimmi kun sabaa sabatti addaa addummaa qabaachuu danada'a.fakkeenyaaf,akka uummata Amaaraa keessatti dhimma baasuutti Oromoo keessatti fayyaduu dhiisuu mala.sababiinsaa ilaacha hawaasaan wal-qabata.kanaafuu jechama saba biro bu'uureffaannee kan Oromoo qorachuun hin danda'amu (Fedhasaa2019:85).

Jechama Sadarkaa Jechaatti; Oromoon waan jedhu yeroo baay'ee kallattiin hin ibsu cinaa galaan dubbata.namni dhageeffatu immoo haalaan wal-qabsiisee hiikkata.fakkeenyaaf, 'Gurra' jecha jedhu haala adda addaa keessatti itti fayyadamu.haalaa keessattis hiika adda addaa qaba.tarii barataan Afaan Oromoo hiika kallattisaa dafee hubata.dabalataan Oromoon tokko garuu hiika dhokataasaas beeka.akka hiika jechaatti 'Gurra' jechuun qaama miiraati.hiikni addaa immoo basastuudha. (Fedhasaa 2019:87)

Jechama Sadarkaa Gaaleetti; Duraan hubannoon jiru akka waan jechamni hiika dhokataa malee hiika mul'atu hin qabneetti barsiifamaa ture.wanti hubatamuu qabu garuu, jechamni sadarkaa kamittuu hiika mul'atuufi dhokatan qabudha.Fakkeenyaaf,jechama gurra dhahe jedhu yoo fudhanne hiika fulduraafi duubaa qaba.barataan Afaan Oromoo tokko hiika jechama kanaa qaama miiraa rukute jedhee salphaatti hiikuu danda.a.(Fedhasaa 2019)

Jechama Sadarkaa Himaatti; Jechamni Sadarkaa galeefi jechaatti akka jiru sadarkaa gaaleettis jira.Oromoon akkuma jechaafi gaaleetti haalaan fayyadamu hima keessas,hiika dhokataa ruqee yaada yaada ibsachii ni danda’a.fakkeenyaaf,himni ‘guduruu haaddatte,jedhu jedhama.hiikni kallatti kan namani Afaan Oromoo beeku hundi hubatu,rifeensa (qarree) ofirraa haadde akka jedhuti.Oromoon tokko garuu geessee heerumte,saala faalla hawwite,jechuu akka ta’eetti hubata.(Fedhasaa 2019:88)

Walumaagalatti yaadota armaan oliirraa wanti hubachuu dandeenyu, sirba keessaatti fayyadama afaanii jechamoota garaagaraa gargaaramuun;jechamoota lubbu qabeeyyii bu’uurreffatan, jechama qaama namaarratti bu’uureffataniifi jechamoota lubbu maleeyyii,bu’uureffatan ,jechama sadarkaa jechaatti, jechama sarkaa gaaleetti fi jechama sadarkaa himaatti jedhaman fayyadamuudhaan dhimoota hawaas,diinagdee,siyaasaa,gadda gammachuu,jaalalaa jibbaa,quuqqaa,tuffii, dinqisiifannaa waan tokkoof qaban dabarfachuun kan danda’amu ta’uusaa hubanna

## 2.4.4 Ciigoo

Ciigoon wanta ifaan dubbachuu hin barbaanne, karaa jecha dacha ittiin qabu fayyadamuun ergaa dabarfachuuf gargaara.Addunyaa (2018:215) “Ciigoon fayyadama afaanii ta’ee karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul’ataa tokkoon golganii dabarfatanidha”jedha.Waan dubbannu tokko sirrtti akka hubatamuufi kallattiidhaan wanta dubbachuu hin barbaanne, akkasumas, wanti dubbatamu sun miira namaatti akka dhagahamuufi gad-fageenyaan akka hubatamu taasisuuf ciigoon gahee guddaa qaba.

Geetaachoo (2018:142) “Ciigoon akaakuu afoolaa keessaaa isa tokkodha.Cigoowwaan afaan Oromoo jiruufi jireenya uummataa keessatti seenaa,aadaa,duudhaa,safuu,jaalalafi jibba,gaddaafi gammachuu,amantiifi shakkii waliin jireeyaafi wal dhabinsa,tokkummaafigaraagarummaa,tolaafi hammenya fikkf ibsuuf yaada bu’aa guddaa qabudha.kana malees waan dubbannu tokko sirriitti akka ifa ta’uufi fudhama argatuuf,cigoon nu tajaajilajedha.”

Addunyaa (2018:215)“Cigoon walaloofi hololoon dhihaachuu danda’a.bifa kamiinuu haa dhihaatuu, cigoon tokko caaccullee bu’uuraa sadii of keessaa qaba.isaanis; jedha dachaa, sookkoofi soorgoodha” jedha. Jecha dachaa “jechi dachaa akka caaccullee tokkooti maqaan kennameef malee argamni isaa gaalee yookiin ciroo ta’uu mala.kunis cigoo tokko keessatti kan

hiika tokkoo olqabudha.jecha hiika tokkoo olqabu kana argachuuf tooftaalee garaagaratu jira" jedha.jechi dacha akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti hiikni isaa dachaadha.jechoonni dacha kun uummata oromoo biratti hedduminaan kan beekamudha.

Soorgoo;Geetaachoo(2014:143) "soorgoon yaada himoota jiranii yookiin yaada walalichaa irratti kan hundaa'e waan ta'eef haala salphaan ergaasaa baasuun ni danda'ama jedha.Addunyaa (2018:219) "caacculleen cigoo tokko keessaa hafuu hin qabne inni biraan soorgoodha.soorgoon ergaa jechi dachaan tokko kallattiin dabarsu yookiin hiika kallattii jechichi qabudha.soorgoo cigoo tokkoo hubachuuf unkaafi hiika isaa ilaaluu qabna.unka yoo jennu,ciroowwan yookaan gaaleewwan walaloo cigoo tokkoo xiyyeeffata.ciroon yookiin gaaleen toora walaloo cigichaa isa jalqabaarratti dhiyaate waa'ee soorgoo odeeffannoo nuuf lata.jedha."

Sookoo;Addunyaa (2018:22) "Sookoon lubbuu cigoo tokkooti.Bakka sookkoon hin jirretti cigummaan isaa ni hafa jechuudha.kunis,ciigoo sanarratti gadi fageenyaan yaaduun argama.ergaan barbaadamus isa qorannoon argamu kana.Kaanafuu sookoon hiika dhokataa yookiin xiinxala gadifageenyaatiin argamu yookiin hiika liixxati jedha."

Geetaachoo (2014:144) "Sookaan yookiin ergaan inni lammataa immoo qabiyyee walalichaa irratti waan hin bu'uureffatamneef himoota jiran keessaa isa tokko keessatti dhiyaata.yookiin immoo ergaa dhokate waan ta'eef irra deddebi'anii dubbisuun kan ifa ta'u ta'a.kunis sammuun sirriitti xiinxaluu gaafata jedha."

Fedhasaa (2019) "Ciigoon ogbarruu afoolaa keessaa tokko ta'ee dubbii tokko haala hiika lama yookiin isaa ol qabaatatti fayyadamuun altokkootti ergaa ifaafi dhokataa ta'e dabarsudha.Ciigoon jecha yookiin gaalee yookiin hima hiika mul'ataafi dhokataa of keessaa qabu ta'ee kan himoota yaada walqabataa qaban lamaan himamudha".ciigoon afaan Oromoo keessatti bal'inaan kan argamu yommuu ta'u hiikni isa dhokotaadha.argamni jecha hiika dhokataa kanaas dhuma himichaa yookiin jalbarra dhufa.

Dubbiin dachaa qaama himaa ta'ee jecha yookiin gaalee yookiin hima ciigoo sana keessatti hiika dhaanquu yookiin hiika mul'ataafi dhokataa of keessatti haammateerudha.Soorgoon immoo hiika fuulduratti mul'atudha.hiika kana argachuun bo'oo jalqabaafi isa itti aanu waliin xiinxaluu gafata.Soorgoon ciigoo keessatti ergaa ifaa yoo ta'u qabiyyee walalichaatiin tokko waan ta'eef argachuunsaa xiinxala sammuu gadi fageenyaan yaaduu hin gaafatu.Sookoon immoo hiika

dhokataatti yaaduu gafatudha.hiika kana argachuuf bo'oo jalqabaafi isa itti aanurratti xiyyeeffachuun kan barbaachisu osoo hin tane hiika dubbiin dachaa ciigoo sanaa irra deebinee sagaleessuu, sagalee jechootaa jijjiruudhaan dheeressuun, gabaabsuun, laaffisuun jabeessun sagaleessuu gaafata (Fedhasaa2019)

## 2.5 Fayyadama Caasaa

Caasimni mala jechoonni afaan tokkoo seera afaanichaa eeganii walitti qindaa'uun caasaa guddaa ittiin ijaaranidha.Lammii (1993:19) akka ibseetti "Caaseffamni jechootaa /word order/qaamolee caasimaa keessaa isa tokko.Afaan adda addaa keessatti jechoonni karaa adda addaa caaseffamanii hima uumu.kun hiika himichaaf murteessaadha.kana jechuunis tartiibni jechootaa jechootaa hima tokkoo yoo jijjiirame, yaadni himichaallee ni jijjiirama.

### 2.5.1 Irra deddeebii

Sirba keessatti irra deddeebiin jechootaa bal'inaan mul'ata.kun immoo sirbichaaf miidhagina uumuu keessatti iddoo guddaa qaba.Irradeddeebiin jechootaa kan argamu, sagalee jechootaafi gaalee walalichaa keessatti irra deddebi'amuufi gaaleen walaloo sirbichaas, irradeddeebii qabaachuun gurra dhageeffataatti waan toluuf akkasumas, dhageeffattootni akka sirba sana xiyyeeffatanii dhageeffatan taasisa.

Yaada kana Misgaanuu (2012) ibsetti "deddebi'insa jechuun dubbi keessattis ta'ee barruu keessatti, qubee yookaan dubbataa walfakkatu kan yommuu tokkoo al deddeebi'ee barreeffamu jechuudha.Sarara walaloo afaan Oromoo tokko keessatti sagalee dubbifamaan tokko irra deddebi'amee mul'achuu danda'a." jedha.

Sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' keessatti irra deddebiin jechootaa bal'inaan mul'ata.kun immoo Sirbichaaf miidhagina uumuu keessatti gahee guddaa qaba.irra deddeebiin jechootaa kunis, kan argamu sagalee, jechootaafi gaalee walalichaa keessattidha.

### 2.5.2 Gosa Galoommii Sagalee

Adeemsa hiriira sagalootaa keessatti yeroo sagaloonni wal ta'uun amala olla isaanii jiranirraa haala adda addaan amala walii fudhatan yookan laatan /walii ergisan/ gosa galoommii jedhama.adeemsa gosa galoommii kana keessatti sagaleen amala mataasaa hin qabne tokko sagalee olla isaarra argata.sagaleen amala ofii hin qabneyyuu haa argatu malee jijjiirama hiikaaa

hin fidu.faayidaan isaas sagaleen Afaan Oromoo keessa hin jirre tokko gosa galuun yookiin amala sagalee naannawaa sana jiranirraa fudhachuun Sagalee Afaan Oromoo bakka bu’amee dubbifamu/sagaleeffamu uuma(Mirreessaa,2014).

### 2.5.3 Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxxinaaleen hojiin og-barruu tokkoo ittiin qeeqamus, hedduudha.Isaan keessaa kan qorannoon kun bu’uureffate; Yaaxxina Foormulaa Afaaniiti akka yaaxxina kanaatti qindeeffamnifi caasaa Sirba gootaa,sirba jaalalaa,sirba seenaafi durduriif akka bu’uuraatti kan ilaalamuu qabu nama afoola sana seenessuufi hurruubudha.Leellistoonni dayeessa kanaas beektota kanneen akka Milman parry,Albert lordfi David Bynum fa’i.Beektonni kunneen qo’annoo garagaraa kanneen afoolarratti gaggeessan yommuu ta’an,ergaa fookiloorii tokkoo hubachuuf adeemsa seenessaan itti gargaaramu,walqabatinsa yaadaa seenaa garagaraa giddu jiru dubbii seenessaa keessaan arguun barbaachisaadha.Akkasumas,hurruubbiin akkaataatti hurruubu duraa duuba qindoomina gochaa gargaaramu,qindoomina raawwii itti fayyadamu walumaagalatti,gama seenessaatiinis,ta’ee hurrubiitiin tartiibni hojiirra oolmaa gocha itti gargaaramanii xiyyeeffannoo kan barbaaduufi hurruubu qaamaan argachuun murteessaadha.Akka yaada yaaxina kanaatti ergaan afoola tokkoo kan argamu akkaataa seenessaafi huruubbarraa ka’uuni.kanaafuu,qo’annoo afoola garagaraa keessatti nama seenessuufi hurruubu qaamaan argachuun murteessaadha.

Yaaxinni inni biraan qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame kan biroon yaaxina Caasaati.Dayyeessi kun biyya Ameerikaa keessatti bara 1960 keessa kan madde yoo ta’u leellistoonni isaas,Andre Jolles,Lord,Ragla Vladimire,prop,fi Alan Dundes’s faa turani.Beektonno kunis,qorannoo garagaraa gama yaaxina kanaa kanneen gaggeessaa turaniifi barbaachisummaa yaaxinicha kanaa tumsanidha.

Qo’annoo fookloorii keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan qabu caasaa afoola sanaati.Afoola tokko duraa duuba isaa eeganii qindeessuun haala yaadrimee(ergaa duubaa qabu) fi caashimaan (paradigmatic) ilaalamuu akka qabudha.kunis,haala safara ogwalaloon garagaraafi durduriin garaagara haala himootaan qindaa’anii ijaaramaniin ergaan keessaafi fulduraa qaban jechootarraa ka’ee xiinxalamuu qabu yaadni dayeessichaa. Qorannoon kun kan inni irratti bu’uureffame, hiika waan tokkoo beekuuf ergaa yookiin tajaajila waan sanaa beekuuf barbaachisaa akka ta’edha. Kun immoo qaaccessa fayyadama afaanii afaan guddisuuf hubannaa kennuu irratti gahee guddaa

qaba.gahee fayyadamni afaanii jireenya namaa keessatti taphatu qaaccessuu keessatti keessatti giddu galli isaa yaaxina fayyadamaa hojiirra oolmaa isaa kan qo’atudha.

## 2.6 Sakatta’a Wal-fakkii Qorannichaa

Bakka kanatti qorannaalee mata duree kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin wal-fakkaatan kan keessatti dhihaatanidha.kanaafuu mata duree qorannoo kanaan guutummaa guutuutti kan wal-fakkaatanii hojjetaman hangan ani dubbisetti kan dhiyaate yoo hin jirreyyuu kan mata duree kanatti dhihaatan ni argamu.haaluma kanaan qorataan kun qorannoo kana waraqaalee qorannoo garagaraa hojjetaman sakatta’uudhaan waraqaa qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabu yookiin walitti dhihaatu jedhamee kan yaaddame,haala armaan gadiin ibsamee jira.

Caalaa (2011) mata duree Qorannoosaa Qaaccessa itti Fayyadama Afaanii Sirba ‘jirra jirraa’keessatti ,kaayyoon qorannoo kanaa ,Fayyadama sirba ‘jirra jirra’jedhu keessaa qaaccessuudha. Argannoon jechootawaliif faalla ,walfakkii ,jechoota guyyuufi ergisaa,waliinaa,malleen dubbii,akkasaa,arbeessuu,nam-essa,tuqsee,jechama jechaafi sadarkaa himaa,bamaqaalee,hima taasisaafi taasisamaa fayyadamuun ergaan darbu akka ifa ta’u gochuusaa kan jedhudha.

Gammachis (2016) mata dureen qorannosaa xiinxala Hasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee jedhu digirii lammaffaa guuttachuuf kan qopheessadha. Kaayyoon qorannichaa Hasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maal akka fakkaatu sakatta’uun ibsuu kan jedhudha.

Immaanaa (2007)mata duree Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaarratti kan xiyyeeffate.kaayyoon isaa faaruu amantii duudhaa Oromoo adda addaa funaanuun ibsuu,qoqqooduufi akkaataa haala qabatamaa aadaafi hawaasa Oromootti qaaccessuudha.Aragannoon isaas,dhiibbaa amantaaleen adda addaa hordoftoota amantii duudhaa Oromoo irraan gahaniifi faaruu amantii duudhaa funaanee hammanm aadaa Oromoo akka agarsiisu fi kunis badaafi dagatamaa dhufuu isaa lafa kaa’eera.

Qorichee (2008) mata duree Qaaccessa Qabiyyee, Unkaafi Fayyadama afaanii Farsaa Waaqaa Kitaaba “Galata Waaqayyoo keessaatti.kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa Qabiyyee, Unkaa fi

fayyadama afaanii kitaaba faarfannaa“Galata Waaqayyoo keessaa qaaccessuudha.argannoon qorannichaa, faaarfannaan bifaa walaloofi yeedaloon sagalee miidhagaatiin waan dhiyaatuuf amantaa hawaasichaa mul’isuun ergaan darbu gurra dhaggeffataa keessa seenee amantiifi dudhaa hawaasa sanaa barsiisa. Kanaafuu,farafannaan achi kessaatti argamanis,haalaan qindaa’uun barbaachisaafi qabiyyeen walaloo farfannaa waaqaa tokkuummaa amantootaa ni cimsa,jaalala waaqaa ni agarsiisa,ulfina waaqaa keennuu,walkabajuu,ni guddisa,gaarummaa gochuu barsiisuuf gahee guddaa qaba kan jedhudha.

Inni kan biraan Ibsaa (2016) Qaacceesa fayyadama afaanii malleen dubbii Og-walaloo ANAAN’YAA keessatti jedhudha.Digirii lammaffaa guuttachuuf kan qophaa’edha.Kaayyoon qorannichaas, itti fayyadama malleen dubbii qaaccessuudha.Ogwalaloo Anaan’yaa keessatti malleen dubbii dhimmoota adda addaa ibsuuf galuun isaanii argameera.Dhimmoonni kunis dhimmooota hawaasummaa, siyaasaa, seenaa, aadaa, diinagdee, Oromummaafi amantii akka jiran argamaniiru.

Qorannoowwan kunneen gaaffileen ka’umsaa,argannoowwaan qorannoo kanaa yaadni furmaata qorannichaa taa’e,qorannoo koo irraa gargar waan ta’eef qorannoo koo irratti dhiibbaa taasisuu kan hin dandeenyedha. kanaafuu kallattiin qorannoo isaanii kan koo irraa adda godha.

# BOQONNAA SADII: SAXAAXAFI MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1 Seensa

Boqonnaa kana keessatti qabxiileen haammataman; Saxaaxa qorannichaa, Madda odeeffannoo qorannichaa, Mala, iddattoo qorannichaa, filannoo iddattoo, meeshaa funaansa, ragaalee mala qaaccessa ragaalee qorannichaatu wal-duraa duubaan dhihaata.

## 3.2 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannoo jechuun tooftaa qorannoon tokko ittiin qaacceffamee ibsamu jechuudha.Kanaafuu qorannoon kun saxaaxa ibsaan gaggeeffama.Sababni qorataan saxaxa ibsaa fayyadamuufis, Kaayyoon qorannichaa, fayyadama afaanii Sirboota ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ jedhan qaaccessuu waan ta’eef, ragaalee sakatta’a dokumentii irraa argame ibsuurratti xiyyeeffata.Kanamalees,qorannoon kun gaaffileen ka’umsaa haalota yookiin ta’iiwwan turan irratti kan xiyyeeffatan waan ta’eef,haalota turan sana immoo sirriitti ibsuuf saxaxa ibsaatti kan gargaaramedha. Qorataan ragaalee funaannate qaaccessuuf, mala qorannoo akkamtaa, madda ragaalee, mala iddattoo, meeshaa ragaaleen ittiin funaannamu, sakatta’a dukumentiifi malli qaaccessa ragaalee duraa duubaan ibsamu.

## 3.3 Malleen Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuf malleen qorannoon itti gaggeefamu murteessuun barbaachisaadha.Malli qorannoo haala itti odeeffannoon maddasaarraa funaanamu kaasee hanga odeeffannichi qaacca’ee hiikni itti kennamutti malleen fayyadamnudha. Kunis, kan mul’atu madda odeeffannoo ofii beekuu, iddattoo filachuu, malawwan odeeffannoon ittiin funaanaman murteeffachuu, odeeffannoo qindeessuufi qaaccessuurratti.

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame qaaccessa fayyadama afaanii sirba weellisaa Galaanaa Gaaromsaa irratti kan xiyyeeffatedha.Kana gochuuf immoo, qoratichi mala qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadama. Sababni isaa, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamu lakkoofsaan osoo hin taane ibsaan yookan jechaan hiika kan argatu waan ta’eefidha.Kanarratti Dirribsaan (2018) yoo ibsuu, “Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis” jedhu. Gama birootiin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamu gadifageenyaan ragaan deeggeramee

kan xiinxalamu waan ta'eefidha. Addunyaa (2011:12) yaada kana yoo cimsu,"Ciminni qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan 'akkam? Maaliif?' jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf,amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati," jedha. Yaada kanarraa malli kun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna akka qabuufi gama amanuufi hubannoo bal'suufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, mata dureen qorannoo kanaas, qaaccessa fayyadama afaanii sirba Galaana 'Amalakee'fi 'Sodaa Qawwee hin qabnu'jedhu waan ta'eef, qoratichi mala kana kan fayyadamedha.

### 3.3.1 Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda odeeffannoo kan ta'e walaloo Sirboota "Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu" jedhu kan bara 2008 sirba qeenxee sagaleedhaan sirbamedha.Maddi ragaalee qorannoo kanaa madda ragaa 1ffaadha..sababni isaas maddi odeeffannoo qorannicha sirba kaasseettaan jiru gara barreeffamaatti jijjiiruun qaacceessuudha.Akkasumas dhimmoota kanaan wal-qabatee sanada (document) adda addaa sakatta'uudha.Jarreen Kun immoo odeeffannoo kennuuf akka madda ragaa tokkoffaatti tajaajilu jechuudha.

### 3.3.2 Mala Iddattoo

Iddattoon qorannoo kanaa sirboota Galaanaa Gaaromsaa 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu jedhan yoo ta'u Sirbi kun kan filatame tooftaa iddatteessuu kaayyeffataati. Sababni isaa kaayyoo qorannoo kanaa sirboota kana irratti qorannoo gaggeessuuf waan kaayyeffateef. Haaluma kanaan sirboota Galaanaa jiran keessaa mit-carraa tasaatiin fudhachuudhaan qaaccessi odeeffannoo duraa duubaan dhihaatu.ragaan qorannichaaf barbaachisu, sirboota keessaa ni argama amantaa jedhu irratti xiyyeeffatameetu.

### 3.3.3 Meeshaa Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuuf qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa ni'argamsiisu jedhee filate, Sakatta'a dokumentiitti dhimma bahe.Qorataan qorannoo kana gaggeessuuf Sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' jedhu kaassettaadhaan waraabame jiru sirriitti irra deddeebiin dhageeffachuun gara barreeffamaatti jijjiiruun hojii eegala.haaluma kanaan Sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' jedhu kana sarara sararaan gara barreeffamaatti jijjiire.Qorataan ragaa barbaachisaa ta'e irraa argachuuf Sirba kana sagaleedhaan Sirbame kan

irra deddeebiin dhageeffate. Qoratichi yeroo Sirbicha dhageeffatu, fayyadama afaanii achi keessatti argaman ilaaluufi sarara sararaan sirbicha keessatti ka'aman ilaaluun akka kaayyoo qorannichaatti qabiyyee argaman mata duree mata dureetti qoqqooduun, ergaa isaan dabarsanii fi fayyadama afaanii achi keessa jiru ilaaluudhaf garee gareetti qoqqooduun qaaccesse

### 3.3.4 Adeemsa Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti karaan ragaaleen ittiin qaacceffaman,karaa tokkoon kunis,mala Sakatta'a dookumentiiti.kunis,jalqaba sirba Galaanaa 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu jedhu kan waraabbiidhaan jiru  sirriitti dhageeffachuun sana booda gara barreeffamaatti jijjiiruun fayyadama afaanii sirbicha keessatti argaman adda baasuudha.sababni isaa qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu qaaccessa fayyadama afaanii waan ta'eef.kana malees,ragaalee funaanuuf malli fanaansa ragaalee qorataan itti garagaaramu Sakatta'a dookumentii waan ta'eef ragaaleen akka maddaatti dhiyaatanii gara barreeffamaatti jijjiiraman xiinxaludha.

### 3.3.5 Mala  Ragaan  Ittiin Qaacceffamu

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu malleen qaaccessa ragaa ni qaba.malleen kunis mala ammamtaafi akkamtaati.Qoratichis qorannoo mata dureen isaa Xiinxala fayyadama sirboota Galaanaa 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' kan jedhanidha.qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi mala akkamtaatti dhimma baha.sababni isaas ragaaleen funanamuun fayyadama afaanii jechaan ibsa waan ta'eef mala qaaccessa ragaalee jechuun ragaalee funaanaman sanarratti hundaa'uun kan qoratichi argannoosaa mirkaneessuun mul'isudha.mala qaaccessa ragaalee qorannoon tokko ittiin gaggeeffamu keessaa mala ammamtaafi mala akkamtaa jedhamuun bakka lammatti qoodamu.Qoratichis,qorannoo isaa kan adeemsisuuf mala inni dhimma itti bahu mala akkamtaati jechuudha.Qorannoon kun haala fayyadama afaanii sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu jedhu fudhatee maal akka fakkaatu qoqqooduutiin qaaccessuuf kan gaggeeffamu ta'a.malli kun qabiyyee sirbichaa gadfageenyaan hubachuuf fayyada.haaluma kanaan Sirba Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu jedhu keessatti qabiyyee isaan ittiin wal-fakkaatan bakka tokkotti fiduudhaan akkaataa ergaan isaanii wal-fakkeenya qabutti bakka tokkotti yookiin toora tooraan akkasumas, jecha jechaan ilaaluun hiikni kan itti  kennamu ta'a.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO

## 4.1. Seensa

Walaloon jiruufi jireenya dhala namaa keessatti karaalee hedduudhaan dhimmoota hawaasaa bu'aa ba'iiwwaan hedduu hawaasni tokko keessa darbe karaa kallattiifi al-kallattiidhaan kan kaasudha.walaoon yeroo baay'ee dhimmoota hawaasummaa kanneen akka ,siyaasaa, diinagdee, aadaa, safuu, diddaa, cunqursaa, roorrroo, gadda, gammachuufi waan jireenya keessatti nama muudatan bitaafi mirgaan kan kaasudha.kanaaf, walaloon jiruufi jireenya dhala namaa keessatti bakka ol'aanaa qaba.jireenyi dhala namaa immoo guyyaa guyyaan dhimmoota garagaraatiin kan guuttamedha.Walaloon Sirbaa karaalee muudannoo hawaasaa adda addaa keessatti rakkoolee mul'ataniif karaa ittiin ibsatanidha.

Kaayyoon qorannoo kanaas fayyadama Afaanii Sirboota'Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu' jedhu qaaccessuudha. Qorataanis boqonnaa kana keessatti qaaccessa fayyadama afaanii sirboota Galaanaa 'Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu' jedhu,kanneen akka fayyadama Mammaaksaa, jechamoota,malleen dubbii, ciigoowwan, jechoota waliinaa, jechoota loogaa, Jechoota guyyuu fayyadama caasaa kanneen akka; cimsoo (irradedeebii) laaltoo,maljoo,mirkansoo,hima ajajaa,hima himamsaa, hima gaaffii,bamaqaa qabeenyaa,bamaqaa iyyaafannoo ragaadhaan deeggaramuun yeroo qaacceffaman, gaaffii fayyadamni afaanii Sirboota Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu jedhuu maal fa'i? Jedhuuf deebii kenna.

Akkasumas, ergaan fayyadama afaanii Sirba 'Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu' kanneen akka; Gootummaa, mirgaan galuu,waadaa eeguu,Tokkummaa,ejjennoo qabaachuu,kaayyoo tokkoof waltumsuu,Abdii horachuu,jaalalafi,hayyoomuu duraa dubbaan qaacceffamaniruu kun immoo ergaan fayyadama afaanii Sirboota 'amalakeefi sodaa qawwee hin qabnu 'jedhuuf deebii ta'a.fayyadamni afaanii akkamiin haala qabatamaa hawaasa aangootti ibsu fayyadama afaanii sirboota amalakeefi soda qawwee hin qabnu,walitti dhufeenya mootummaa,hawaasa,miti mootummaafi namoota dhuunfaa gidduu jiru cimsuufi laaffisuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.kanneen armaan olitti ibsaman kun duraa duubaan muraasni erga qaacceffamanii walaloon sirboota lamaanii dabalee qorrannichaarratti tokkoon tokkoon isaanii ni argamu.

## 4.2. Qaacceessa Fayyadama Afaanii Sirba ‘Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu ’ jedhu keessaa

Mata duree kana jalatti fayyadama afaanii sirbooticha keessatti mul’atutu garee, gareetti qoodamuun ibsama.kunis Sadarkaa jechaafi sadarkaa caasatti xiinxalama.qabiyyeewwan mata duree kana jalatti xiinxalamanis:mammaaksa,jechota,malleen dubbii,jechoota,ciigoofi kanneen biros wal duraa duubaan xiinxalamaniiru.

### 4.2.1 Mammaaksaa

Mammaaksi yaada qusatamoofi udumamoo ta’an jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboon ibsa.maammaksaan dubbii fidanii isumaan goolabu.mammaaksaan dubbii fidanii isumaan dubbii fixu.mammaksi koobaa dubbii kan jedhamuufis kanumaafi( Addunyaa 2016).itti fayyadamni mammaaksa sirbooticha keessatti akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

6  Golaaf Goolloon kan abbaa
29  Harreedhaaf hokaa haamnaan Garbuu malee jettekaa
31  Kan quba itti qabantu quba namatti qaba
33  Qaaraa harkaan dhaabantu booddeen ishii nama guba
67  Har’uma jabeessi bullaan lafee taati tiruun
96  Gowwaa bineensaa boolla tokkotti sagal waraanu

Toora tokkoffaa irratti mammaksi argamu golaafi goolloon haala jireenya hawaasa hundaa waliin kan wal qabatedha. Haata’u malee Oromoon golaafi goolloof kabajaafi ulfina guddaa kennaaf. Golli bakka hiccitii jiruufi jireenya isaa qabateefi marii jireenya isaa maatii isaa waliin itti  mari’atuufi baakka haara galfii isaati. Kana malees ,bakka deessuun ulfinaan itti kabajamtee ciistu waan ta’eef kabaja guddaa yoo qabaatu goolloon immoo bakka itti keessummaa simatuufi jireenya hawaasummaa olla waliin jiraatudha  sirba kana keessatti mammaaksi kun Oromiyaa bakka bu’ee yoo argamu isas ormi kan  akka hin nyaarree,akka barbaadeefi fedhii isaatti akka keessa hin burraaqne waardiyyaa ta’ee Oromoon akka tikfatuuf kan ergaa dabarsedha.

Toora lammaffaa irratti mammaaksi jiru , Uummanni Oromoo uumama isaatii eegalee ofittummaa kan hin qabneefi waan qabu ormaaf qoodee jaalalaan uummata Itoophiyaa waliin jiraachaa kan tureefi ammas jiraachaa kan jiru ta’uu isaa ragaan seenaa biyya kanaa dhugaa kan bahudha. Haata’u malee kan dhadhaa afaan kaa’an dhagaa afaan kaawa akkuma jedhamu,Qabeenyuma dhuunfaa isaa uumaan waan hundaa isaaf kennee ittiin uume irraa

qoodeefi Orma yeroo gargaarutti, Ormi inni gargaare sun bayyanatee qabeenya isaa kana ofii dhaalee isa rakkataa taasisuuf yeroo carraaqutti akka callisee hin ilaalleef akeekkachiisa.

Toora sadaffaa irratti ,akkauma Oromoon kan dhiqantu nama dhiqa jette waciitiin jedhu,Qaamni amma saba kanaa hin geenyee gama siyaasaan ,dinagdeefi gootummaanis ta’ee waan hundaan Oromoo hin ginnetu hammeenyaafi gadaantummaa uummata Oromoo yeroo dubbatuuf deebii quubsaa kenneef.kunis kanneen jibba Oromoo dubbataniifi kufaatii isaa yaadan isaa gadii ta’u isaanii kan ittiin deebii kennefidha.

Toora afraffaa irratti mammaksi argamu, ‘Dinnicha harkaan dhaabaniitu hordaa cabsa’ jedhee akkuma Oromoon mammaaku ,Uummata rakkoo keessa jiru bara rakkoofi beelaa irraa baraaree waan qabu qoodeefi ofitti siqsee kan jiraachisetu,turee bulee Oromoodhuma isa jiraachiseefi bara rakkoo isa dabarse ajjeesuufi dararuutti humna jabeeffatee ittiin mormuu jalqabe kan jiruudha. Haata’u malee Uummanni Oromoo kanaafis akka hin jilbeeffanne mirga isaatiif eenyuuf bakka kan hin kennine ta’uu isaa kan ittiin firaafi diina isaa beeksisedha.

Toora shanaffaa irratti , Diinonni Oromoo bara rakkoofi bara beelaa uummata kanatti baqatanii bara rakkoo kana dabarfatanii erga bayyanatanii wal qindeessanii Oromoo buqqisanii ofii isaaniitii bakka isaa qubachuu barbaadan kan jiraniifi kallattii isaaniif danda’ameen dhiibbaa kan irraan gahaa jiranidha. Kanaafis Uummanni Oromoo osoo yeroo hin kenniifiin hatattamaan akka of ijaaree diinota isaa kana akka of irraa kaasuufi ittisuuf kan dadammaksedha.

Toora jahaffaa irratti mammaaksi argamu,Uummanni Oromoo baroota dheeraaf of kennee ofii miidhamee saba kaan waliin biyya kana keessa kan jiraachaa tureefi kan jirudha.bara jireenya uummattoota kaaba Itoophiyaa waliin jiraateefi jiraachaa jiru keessatti Uummata Oromoof nagaa yaadanii kan hin beeknedha. Oromoon garuu akka qomoo isaatti hammeenya isaan yaadan dhiisee ofitti qabee kan waliin jiraachaa tureefi jiraachaa kan jirudha. Haata’umalee, hammeenyi Uumatoota Kaaba Itoophiyaa deddeebi’ee Uummata Oromoo kan miidheefi lafa isaa ganamaa irraa isa buqqise waan ta’eef,ammas irra deebiin hojiin haammeenyaa sirna biyya kana bulchuun deebi’ee yeroo raawwatu callisee kan hin ilaalleefi ofirraa qolachuuf kan qophaa’u ta’uu isaa kan ibsudha.

### 4.2.2 Jechamoota

Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qarudha.kanaafuu,jecha,gaaleefi hima qofaan dhaabbatee yaada bal'aafi sammuu namaa affeeru jechuun ni danda'ama.jechamni akkuma jiruun hiika fuulduraafi duubaa qaba.jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatudha (Fedhasaa, 20130).

Jechamoonni maqaa lubbu qabeeyyii namaan ala jiranii da'oo taasifachuun ni dubbatamu.ergaan isaan dabarsanis amala lubbu qabeeyyii sanaa bu'uureffachuu danda'a

7 Keessummaan diinqa hin gahu
37 Guyyaan Coommata warra durgoo qabu
81 Nu callisnaan arba ciise seete
14 Kotte duudaan yaate kuunno keessa

Jechamni Keessummaan diinqa hin gahu jedhu,Naannoo Oromiyaa keessa sabaafi sablammiin biroo hedduun isaanii naannoo isaanii gadhiisanii dhufuun kan keessa jiraachaa jiranidha.haata'umalee, kanneen kaan Uummata Oromoo waliin nagaan yeroo Jiraatan kanneen kan immoo uummaticha saamuufi lafa isaa irraa buqqisuuf shira xaxaa kan jiraatanidha.Oromoonis shira diinni isaa xaxaa lafa hadhuura isaa itti buufate irraa buqqisuuf guyyaafi halkan itti deemu dura goree ittisuun bakka dhufetti deebisee qabeenya isaa irratti abbummaa isaa akka mirkaneeffatuuf onnedhaan ka'uu isaa ibsudha.

Toora lammaffaa irratti jechamni argamu Guyyaan coommataa warra durgoo qabu kan jedhu, Darbaa dabarsaa biyya Itoophiyaa Mootonni hoogganaa turaniifi hoogganaa jiran uummata Oromoof kan hin quuqamneefi jireenya uummatichaa fooyyessuuf kan hin hojjennedha.dabalataanis,kanneen uummaticha keessaa bahanii aangoo argatan kan garaa isaanii malee kan rakkoo uummataaf furmata barbaadan muraasa. Kanumaafis uummaticha irraa gibira humnaa olii sassaabuun durgoo oolmaa isaanii taasifachuun akka fedha isaaniitti kan nyaatanifi dhugan yeroo ta'u ,hawaasni bal'aan rakkoof saaxilamaa kan tureefi kan jirudha. kanaafuu kanneen isa saamanii jireenya dhuunfaa isanii mijeeffatan akka ofirraa mormuufi callisee isaaniif seeraan ala akka gibira hin kaffaalle kan akeekkachiisedha.

Jechamni toora sadaffaa irratti argamu kan ibsu Bineensota bosonaa keessa arbi isa guddaa yoo ta'u akkuma barbaadetti qaama isaa olii gadi sochoosuu kan hin dandeenyeefi yoo ciise ka'uu kan hin dandeenyedha.sababa kanaaf, weellistoonni arbi hin ciisu ni dhaabbata malee an sin

dhiisu nan bada malee jechuun weelisan. Diinonni Oromoo lafa isaa irraa buqqisuuf barumaan gadadoo jireenya garbummaan akka jiraatu barbaadan ,Oromoon haalaafi bara dabarfachuuf callisnaan ,siyaasa Ormoo arba ciise sana kan ka’uu hin dandeenyeen fakkeessanii akka barbaadan uummatichatti roorrisuu barbaadaniif ,ni callisne malee jirra hanga geenyu isin agarsiifna jechuun sochiitti galuun bifa gurmaayeefi qindaa’een jijjiiramoota hedduu biyya kana keessatti injifannoon galmeessisuu isaa karaa ittiin mirkaneessifidha.

Toora arfaffaa irratti jechamni argamu ,magaalaan Finfinnee hadhuura  Naannoo Oromiyaa ta’uu isaatiin, Oromoonni Kaabaa, kibbaa, bahaa, dhihaafi giddu galeessaa bakka itti walitti dhufee yaa’ii taa’uufi sirna gadaan seera bulchiinsaa tumatuufi  tokkummaa isaa itti lallabatu ture,haata’u malee yeroo dhiyoo keessa gargaarsa biyyota Awurooppaatiin habashoonni humna Oromoo cabsuun lafa hadhuura isaa ta’e kana dhuunfachuun  keessa jiraachaa jiru ,jarreen kun kotte duudaan bakka buufamani kan qeeqamanidha. Sababni isaas kotte duudaan bakka quuftee kan hin galleefi bakkuma quuftetti kan bineensaan nyaatamtu waan ta’eef, cinaan jechamichaan ergaa isaa dabarse.

27    garaa laafuu<br>
104  Damma of dibdanii afaan<br>
16    Naraafamti garaani<br>
72   Turtee garaa hirtaree

Jechamni toora tokkoffaa irratti  garaa laafuu jedhu qaama namaa bu’uureffachuun ergaan barbaadame kan ittin darbedha. akkuma maqaa isaa irraa hubannutti gidiraa hammeenya Ummanni Oromoo baroota bittaa habashaa hanga bara wayyaanetti irra gahaa ture, kana jechuun dabaree itti darbaa Oromoo qee isaa irraa buqqisaa dararaa turan ,Ummanni fayyalessi kun akkas na miidhan jedhee osoo hammeenya isaaniif hin yaadiin waliin jiraachaa kan tureefi kan ammas kan jiru ta’uu isaa kan agarsiisudha.

Toora lammaffaa irratti damma of dibdanii afaan kan jedhu kun qaama afaan namaan haafakkeeffamu malee jecha ergaan ittiin darbedha. Kana jechuun sirnoonni garboofataa baroota bittaa wayyaanee dhiibbaafi Cunqursaa Oromoo irraan gahaa turan ,kallattiin osoo hin taane afaan dubbii tolanii waan gaarii yaadaniif fakkeessanii, akkuma Oromoon dhadhaan gaarii fakkaatee wayaa balleessa jedhu, gaarii fakkaatanii miidhaa irraan gahaa turuu isaanii kan ibsudha.

Jechamni naraafamti garaan jedhu miidhaa Oromoof akeekame hunda,hammeeenya isaaniif yaadame karaa birootiin keessi isaanii yeroo beekudha.kana jechuun migirri lagaa gubannaan gingilchaan manaa boosse akkuma jedhamu qaamni isaa tokko yeroo miidhamu kan rifatu ta’uu isaafi hammeenya isaanitti deemu kana yeroo yaadda’an kan agarsiisudha.

Toora arfaffaa irratti jechamni argamu Qabsoo Ummanni Oromoo baroota hedduuf Sirnoota gabrooffataa ofirraa kaasuuf taasisaa turan keessatti hanqinoonni tokko tokko mul’achaa turan. hanqinoonni mul’atan kunis gareen tokko faayidaa yeroof bitamuun kaayyoo qabsoo isaanii wal dagachiisuun humna wal dhabsiisaa turan .kanamalees kutaa biyyaan qoqqoodanii akka Oromoon ofumaan wal shakku taasisanii umurii bittaa isaaniii dheereffachaa kan turanidha. Kanaaf, qabsootti waliin yoo seenne tokkummaan deeman amoo kaayyoo kaaneef dhiisnee wal harcaasna yaada jedhu akeekkachiisuuf  kan itti fayyadame ta’uu isaan kan qaaceffamanidha.

### 4.2.3 Malleen Dubbii

Malleen dubbii yookiin dubbiin qoolaa waanta tokko cina qabanii kan dubbatan,kan qeeqan kan gorsaniifi kan akeekan ta’uu mala. Mata duree kana jalattis malleen dubbii nameessa,akkasaa mitiheefi bakka buusni wal diraa duubaan xiinxalamaniiru. Ragaaleen kunis dabaleee jalatti argamu.

#### 4.2.3.1 Nameessa

Nameessi dubbii qoolaa wanta ,horii bineensaafi kkf amala namummaagonfachiisuun dhiyeessuudha.mala barreessitoonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojii isaaniitti humna horanidha.(Fedhasaa, 2013) . Sirba kana keessatti malleen dubbii nameessatti gargaaramuun ergaan barbaadame ittiin darbuu isaa hubanna.

18 Gadaan Meelbaas hin nyaaru
30 Garbuu malee jettekaa
78 Gaayyoonuu dhiira hokkolchiisa
97 Garaan jaalalaa na boohe
98 Onneen jaalalaas si boohe
104 Ayyaanni abbaakoo hin dabiin.

Malleen dubbii toora tokkoffaa irratti gadaan meelbaas hin nyaaru jedhu Shiraafi hammeenya Uummata Oromoo sirnoota wayyaanee keessa irra gahaa ture yeroo ibsu ,soba dhugaa fakkeessanii uummata isaan nyaachisee obaasee baroota rakkoofi beelaa isaan dabarse,deebi’anii yeroo hammeenya garajabummaan ilmaan isaa irraatti raawwatan Gadaan Oromoon ittiin bulu fi

sadarkaa Gadaan waggaa shan shaniin wal harkaa fuudhuun biyya hoogganu keessaa Gadaan meelbaa maaliif haala toleefi maaliif qajeeleefi hammenya isaanii kanaan maaliif isaan adabuu dide jedhanii kan keessoo isaaniifi ciminaafi amantaa gadaa irraa qaban kan ibsanidha.

Toora lammaffaa irratti garbuu malee jettekaa kan jedhu, Oromoon sirnoota darban keessatti Mootonni darbaa dabarsaa irratti wal jijjiraa turan ,kan qabeenya isaa saamaa turanidha. Kana jechuun qonna lafa isaa irraa buqqisanii ofii kan irra qubachaa turaniif ammas itti jiranidha. Kana malees biyya Oromoo keessa akka fedhanitti keessa qubatanii Oromoodhuma waliin kan jiraatanidha.haata'umalee Oromoon hammeenyi kun osoo irratti raawwatuu hammeenyaa itti yaaduu dhiisee obsaan yeroo waliin jiaraatu, sirni garbooffataan bilisummaa uummataatti hin amanne dabalataan bara 2006 qeefi qabeenya Oromoo nannawaa Finfinnee saamuun faayidaa isaaniif oolfachuuf Ilmaan Oromoo ajjesuu itti fufnaan Mormii fincila diddaa bittaa habashootaa xumura itti gochuuf Oromoon hundi fincila mootummaa  irratti eegaluu isaa kan ibsudha.

**4.2.3.2 Arbeessuu**

Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee olkaasuudhaan yookiin waan tokko hamma jiru irraa gadi buusuudhaan, miira dinqisiifannaa nama keessaatti uumuudha. Fayyadamni afaanii malleen dubbii keesaa arbeessuun Sodaa qawwee hin qabnuufi Amalakee keessatti argamanis akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

39 Kan konkonni foon muru

40 Kan guntunni qara eeboo

69 Hulaa hin baniinin bobaa jalaan seenti gadheen

Jechamni kan konkonni foon muru jedhu miidhagina Dharraanee ibsuudhaaf kan itti fayyadamedha. Hata'u malee, Dharraaneen miidhagina uumamaan kennameef olitti ol kaasee ibsuufi konkonni funyaan ishee kanneen biroo  ol kan nama hawwatu ta'uu isaa kan ibsudha.

Toora lammaffaa irratti kan guntunni qara eeboo jedhu jedhu miidhagina Dharraanee kan uumamaan  qabdu ol kaasuun gatii kan itti kenne ta'uu hubanna. Jechamni hulaa hin baniin bobaa jalaan seenti gadheeni jedhutti fayyadamuun ergaan darbeera. Hanqina kee kallattii kamiinuu jiran fi qaawwaa gama hundaan agarsiiftu cufadhu yoo diddee diinni karaa sana si seenee miidhaa sirraan gaha kan jedhu akeekkachiisa.

#### 4.2.3.3 Akkasaa

Akkasaan dorgomsiisaa wantoota lamaati.jechoota: akka,fakkaata,amma jedhaman gargaaramuun waldorgomsiisa.akkasaan wal fakkeenya tokko karaa dhokataa ta’een ibsa.

44 Afaan namaan dubbatta
Akka tamboofi gaayyaa

Dubbii qoolaa akkasaatti gargaaramuun sirbichi ergaa dabarsee jira. Sirna bulchiinsa wayyaaneefi kanneen isaaniin dura biyya Itiyoophiyaa bulchaa turan,namoota tokko tokko kanneen faayidaa dhuunfaa isaaniif jiraatan uummata Oromoo keessaafi fakkaattota Oromoo keessaa filachuun waan sirni garboofataan raawwachuuu barbaade namoota kanatti gargaaramuun afaan Ormoon dubbachuun akka waan Oromoof quuqamaniitti itti fayyadamuun kaayyoofi karoora isaanii akka galmaan gahaniif kan itti gargaaramaa turanidha.kana jechuun namoonni ofiif malee sabaaf hin yaanne kun ofiif karoorsuufi murteessuu waan hin dandeenyeef ajaja hooggantoota isaanii raawwatu.

#### 4.2.3.4 Mitihee /Eemtii/

Mitiheen himamansa yaada faallaa waan of keessa qabu fakkaatee yeroo itti siqan dhugaa ta’ee argamudha.(Fedhasaa,2013) haaluma kanaan mitihee sirboota lamaan keessatti argaman kanneen barreeffamaan dabalee jala jiran akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

44 Afaan namaan dubbatta
63 Sin dharra’u sin araada

Dubbiin qoolaa toora 1ffaa irratti argamu,afaan namaan dubbatta kan jedhu,yeroo irra keessa ilaalan soba fakkata.haata’umalee yaadichi dhugaadha. Kana jechuun,namoonni kaayyoofi dantaa uummata isaanii dagatanii faayidaa dhuunfaa isaaniif yeroo jiraatan, ergama hooggantoota isaanii galmaan gahuuf deemu malee dantaa uummataaf hin jiraatan. Kun immoo ejjennoo akka isaan hin qabaanne taasisuun yaadaafi karoora hooggantoota isaanii raawwachuuf waan socho’aniif ofiif sagalee hin qaban.

Toora lammaffaa irratti sin dharra’u sin araada ,yoo jedhu soba fakkatus dhugaatti ni araada. Dubbiin qoolaa kun sirba kana keessatti ergaa barbaachisu dabarsee jira.

### 4.2.5 Ciigoo

Ciigoon fayyadama afaanii ta’ee,karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul’ataa tokkoon golganii dabarfatanidha.Ciigoon tokko caacullee sadi of keessa qaba. Isaanis:jecha dacha ,soorgoofi sookoodha.Jechi dacha jecha hiika ifa jiruufi hiika dhokataa qabatee jirudha.soorgoon immoo hiika jechaa isa ifa jirudha.sookoon hiika jechaa isa dhokataa xiinxalanii itti yaadanii bira gahamudha.

54 Yoon hafes garaan nan raffisuu
54 Diina qee’ee irraa roorrisu
56 Akkamiin lammiitti callisu?

Ciigoon armaan olii kun sirbicha keessatti itti fayyadama afaaniin dhiyaate ergaa dabarsee jira.ciigoo kana caacullee isaa tokko tokkoon yoo ilaallu. Jechi dachaa Ciigoo tokko keessatti jecha hiika tokko ol qabudha. Jechi dacha Ciigoo kanaa ,sarara lammaffa irratti kan argamu Lammii kan jedhudha.kana jechuun roorroon yeroo lammii ofiitti roorrisu callisuu hin qabu jechuudha. Soorgoon isaa Gosa ofiitti roorroo ormaa callisee hin ilaaluu yoo ta’u. Sookoon Ciigoo kanaa nama maqaan isaa Lammii jedhamutti roorroo callisee hin ilaalu jechuudha. Kan jedhuun qaacceffamee jira.

### 4.2.6 Jechootaa

Namni kamiyyuu waanta miira isatti dhagahame jechoota miira koo naaf ibsuu danda’u jedhee itti yaade kan fayyadamuun miira isaa kan ibsatudha.akkasumas miira haawaasaa ibsuuf hawaasnis akkasuma jechoota garaagaraa miiraa isaa kallattii garaa garaan ibsuufi danda’u kan filatee fayyadamudha. Fayyadamni jechootaa hojii namni barateefi hin baratiin,dureessiifi hiyyeessi,xiqqqaafi guddaan ,gurraachiifi adiin, barreessaan yookiin waloon akkasumas artistiin hojiin ogummaa isaa xiyyeeffannoo akka argatuufi miidhagina akka gonfatuuf itti yaadee jechoota humna qabaniif ergaa barbaadame dabarsa jedhee yaadee filachuudhaan yaada isaa karaa guutuu ta’een dabarsa jedhee itti amane kan filatudha.fayyadamni jechootaa sirboota Galaanaa ‘Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabu’ jedhan keessatti argaman akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru

#### 4.2.6.1 Jechoota Waliinaa

6 Gola ……………… goolloo
15 Dubbii …………… hiccitii
46 Du'a …………… Awwaalcha
47 Baduu ……………. Barbaacha
72 Abbaa ……………. qe'ee
5 Sanyii …………….. facaasuu
83 Saawwa ………… . Hora

Jechoonni kun sirba kana keessatti bakka garaa garaatti galuun ergaa kan dabarsanidha. Jechoonni kun kan waliin deemaniifi bakka tokko jirutti inni cinaas jiraachuu kan maluufi bakka tkko hin jirretti tokko qofti jiraachuunis baay'ee baramaa kan hin taane ta'uu isaa hubanna . fkn.jechi doloolloofi riqicha jedhu kan waliin deemani hawaasni yeroo roobaa lafti ciccituufi lolaa irraa kan ka'e akka salphaatti walitti deemuun ni ulfaata.kanaafuu,doloolloof riqicha ijaaruun salphaatti walitti dhufu.sirba kana keessatti garuu akka tuffiitti dhiyeessun riqichi kan barbaachifneefidha yaada jedhuun ergaa kan dabarsedha.jechi golaafi goolloo jedhu yoomillee kan waliin deemanidha. Mana keessatti goolloon jiraatee golli hin dhabamu. Dubbii fi hiccitii dubbii kam keessattis hiccitiin namoonni waliiti himatan kan jirudha. Kanaafuu,bakka dubbiin jiru hiccitiinis jira. Jecha du'aa fi awwalcha jedhus kan waliin deemanidha.duutii jiraannaan awwalchi jira .sirba kana keessattis yoo lammiin ofii du'e orma hin abdatiin kan si awwaalu qomookeefi gosa keeti kanaaf wal jabeeffadhu ergaa jedhu kan dabarse ta'uu isaan qaacceffameera.

Looga jechuun garaagarummaa hawaasa dubbattoota afaan tokko gidduutti umamu ykn mul'atu jechuudha.hawaasa Oromoo keessatti akkuma afaanota addunyaa kan biroo garaagarummaan loogaa kan jirudha.

7 Keessummaan diinqa hin gahu
77 Xinnoo hin qabdu diina hin tuuffatiin
81 Osoo jirruu wal dhabne

Jechoonni loogaa sirboota kana keessatti argaman keessummaa, xinnoo,osoo kanneen ta'anidha.jechoota kana keessaa jecha keessummaa jedhu bakka tokko tokkotti keechummaa jechuun kan itti fayyadamanidha.jecha xinnoo jedhu immoo ,bicuu,diqqaa jechuun kan fayyadamanidha.akkasuma, jechi osoo jedhu bakka birootti otoo jechuun kan waamanidha. Haata'u malee itti fayyadamni jechoota loogaa sirboota kana keessatti Galaanaan itti fayyadame ergaa barbaadame dabarsuu irratti dhiibbaa uumuu kan hin dandeenye ta'uun qaacceffameera.

### 4.2.6.2 Jechoota Guyyuu

Jechoonni guyyuu jechoota haala qabatamaa yeroo waliin deeman ta'anii akkaataan itti fayyadama isaaniis bakkaafi haala irratti hundaa'ee kan dhiyaatudha.

2 Doloolloof riqicha ijaarree
3 Galaanni akkam haata'u?
4 Atillee yaa keessummaa
8 Bodee abbaa shiraan qaba
16 Odaan guyyaa hin daraaru
18 Gadaan meelbaas hin nyaaru
21 Taankiif jeettiidhaan dhuftus
57 Kormatu lagaa bookkisa
73 Gumaas hin nyaannu maallaqaani
84 Gamtaan lolle kanumaaf cimneerra
13 Gamoo itti ijaarratani
36 Qawwee bitu gaafa roorroo
78 Hadiyyoomte qe'een koo

Jechoonni guyyuu jechoota hawaasni dubbattoota afaan tokkoo bakka garaa garaatti irra deddeebiin yookiin yeroo hunda itti fayyadaman jechuudha.sirboota kana keessatti jechoonni guyyuu:doloolloo,galaana,bodee,odaa,gadaa,taankii,korma,gumaa,gamtaa,gamoo,qaawwee,hadi yyoomte kanneen jedhamanidha.Doloolloo kan jedhu bishaan yeroo roobaa lafarra yaa'ee lafa ciruun darbudha.sirba kana keessatti kan fakkeeffamee saboota Oromoo baroota dheeraaf dararuu barbaadaniifi garboomsuu fedhan bakka buuse. Kun immoo akka doloolloo sanaa yeroof malee hundee cimaa kan hin qabnedha. Jechi galaana jedhu immoo Oromoon kan bakka buusedha. Kana jechuun hawaasni Oromoo akka galaanaa baay'ee fi lafa bal'aa haguugee kan jiruufi diinni isa miidhee injifachuunii kan hin dandeenye ta'uu ibsa.bodeen meeshaa aadaa kan qara qabudha.Oromoon bara Xaaliyaaniin Itiyoophiyaa weerartes bodee kanaan loluun injifachuu isaanii seenaan ni dubbata. Har'as Oromoon hacuuccaa bittaa habashootaan yeroo gidirfamutti meeshaa ammayyaa barbaaduuf yeroo garbummaa ofirra dheeressuurra meeshaa aadaa bodee kanaan tokkummaan lollee bilisa of baasna malee callisuun hin ta'u jechuun Oromoo kakase.

Odaan muka safuufi kabaja guddaa Uummata Oromoo biratti qabudha.kanaafis bakka dhugaan itti murtuuftudha malee sobni dhugaa mootu miti.Akkasumsa Gadaan Ummata Oromoodhaaf waan hunda kunis sirna bulchiinsaati.yoo gadaan eebbise ni tola yoo gadaan abaare ni bada kanaaf gadaanillee diina keenya yoo abaarre hin milkaa'an ni badu amantaa jedhutu jira.jechi taankii jedhu bara 1983 A.L.I wayyaaneen Impaayera Itiyoophiyaa yeroo bittu meeshaa

waraanaa taankii gargaarsa biyyota alaatiin kan loltee Oromoofi saboota itiyoophiyaa ittiin bitte yoo ta'es,dhaloonni qubee garuu meeshaa kanaaf kan hin jilbeeffanneefi tokkumman wal bira dhaabbatanii diina isaanii akka injifachuu danda'an diina Oromootti kan himudha. Jechi gumaa jedhu uummata Oromoo biratti bakka guddaa kan qabudha. Kana jechuun Oromoon qomoo yoo wal ajjeese seera guutamuu guutee gosa lamaan wal ajjeese gamaa gamana goruun adeemsa safuu seera gadaa eegeen walitti araarsa. Qabiyyee sirba kanaatiin garuu Ormatu yeroo faayidaa dhuunfaa isaatiif qabeenya Oromoo saamuuf oromoo ajjeesu hubanna.Oromoon diina isa ajjeeseef gumaa kan nyaatu osoo hin taane ajjeesee gumaa gosa isaa baafata. Akeekni siboota kanaas Oromoon kaabaa kibbaa ,bahaa dhihaafi guddugaleessaa diina qee'ee isaatti dhufee isa ajjeesu ajjeesee akka gumaa baafatu ergaa dabarsa.

Jechi gamoo jedhu irra caala babal'ina magaalotaa wajjiin wal qabatee kan dubbatamudha. Habashoonni baroota impaayera itoophiyaa afaan qawweetiin bulchuu eegalanii lafti sabaaf sablammota Itiyoophiyaa baay'een nafxanyootaan samamee kan qabamedha. Keessumaa lafti hadhuura Oromoo ta'e Finfinneen sirna bulchiinsa Nafxanyootaa eegalee hanga sirna bittaa Wayyaaneetti qotee bultoota Oromoo buqqisuun saboota aadaafi afaan Oromoo hin beekneen qabatamaa kan dhufteefi kan jirtudha.kanaafuu ,Oromoon hundi saamicha lafa handhuura isaa ta'e callisee akka hin ilaalleefi falmataa bakka isaa ganamaatti akka deebi'uu qabu dhalootaaf ergaa dabarsa.

Jechi hadiyyoomte jedhu, duwwaa yookiin qullaa ta'uu kan agarsiisudha.qabiyyee sirba kana keessatti Uummanni Oromoo baroota hedduuf bittaa habashootaaf callisee kan hin teenyeefi barootaan wareegama qaqqaalii kanfalee kan as gahe ta'uu isaa seenaan dhugaa baha.Ilmaan Oromoo beekaa hanga wallaalaa guddaa hanga xiqqaa dhiiraa hanga dubartii itti of wareeguun Oromiyaa har'aa ijaaranii waan asiin gahaniif salphaatti ilaalamuu akka hin dandeenye diinaa isaatti Oromoon kan hime ta'uudhaan qaacceffamaniiru.

## 4.3 Fayyadama Caasaa Sirba 'Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu' keessatti

Mata duree kana jalatti qabiyyeewwan muraasni ragaaleewwan jiran xiinxalamaniiru. Kanneenis:cimsoo/irra deddeebii/,bakkisoo/bakka buusa,maljoo hi'eentaa,dursoo,mirkansoofi kanneen biroos wal duraa duubaan xiinxalamanii jiru. Ragaaleen kunis dabalee jalatti argamu.

### 4.3.1 Cimsoo /Irra deddeebii/

Cimsoon akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti yaada yookiin ergaa darbu ciminaan xiyyeeffannoon akka galma barbaadame gahuuf jechoota irra deddeebiin hubachiisuu jechuudha.kunis akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

101 Gama hiccitiin Sadam Saadootii jedhiinii (2)
102 Sodaa qawwee hin qabnu jedhiini (2)
103 Of kabachiisuudha dhiigaanii jedhiinii (2)
104 Damma of dibdanii afaanii jedhiinii (2)
105 Maaluma nu sossobdu malaanii jedhiinii (2)
106 Araara kee hin feenu jedhiini (2)
107 Ajjeefneetu baafanna dhiigaanii jedhiinii (2)
108 Sitti jiguuf jira gaarri jedhiinii (2)
109 Bilisummaa keenya araarri jedhiinii (2)

Cimsoon sirboota keessattis ta'ee haasaa afaaniin kallattiin dubbatamu keessatti dubbii ijoo qabiyyee dubbatamuu sana akka sirriitti dhaggeeffataa yookiin dubbisaa biratti xiyyeeffannoo argatu taasisuuf irra deddeebii artistoonni hedduun itti fayyadamu. Sirboota kana keessattis irra deddeebiin kallattiifi alkallattiin ergaa kan dabarsan ta'anillee, sirbichi yeedaloo akka godhatuufi dhaggeeffattoota biratti jalatamummaa akka horatu taasisee jira.

### 4.3.2 Bakkisoo/Bakka buusa/

Bakkisoon dhimma irratti dubbachuu yookiin barreessuu barbaanne jecha biraan bakka buusuu jechuudha.yeroo bakka buusnu hiika ilaallee qofa osoo hin taane hariiroo jechoota lamaanii bu'uureffannee,ilaallee bakka kan buusnu ta'a ,bakka buusa kanas xiinkaalaan bakka buusuun ni danda'ama(Goerge Yule,2007). Bakkisoon sirboota kana keessatti argamus:

3 Galaanni akkam haata'u?
6 Golaaf goolloon kan abbaa
7 Keessummaan diinqa hin gahu

Jechoonni Galaanni,Golaaf goolloofi keessummaa jedhu bakkisoon sirbicha keessattii galanii kan argamanidha. Jechi galaana jedhu Ummata Oromoo kan bakka bu'e yoo ta'u,akkuma galaanni lafa addunyaa kanaa bal'inaan haguugee jiru ,Uummanni Oromoos biyya Itiyoophiyaa keessatti akka galaanaa heddumminafi guddina kan qabudha. Jechi golaafi goolloo jedhu Oromiyaa kan bakka bu'e dha.Kana jechuun qabiyyee sirbichaa keessatti Oromiyaa fi qabeenya Oromiyaa irratti abbummaafi itti gaafatamummaa kan qabu ,bulchuufi to'achuu kan qabu

Uummata Oromooti malee qaama biroo waan isa ilaallatu hin qabu jechuudha. Jechi keessummaa jedhu,Diina Oromoo kan bakka bu’edha. Akkuma beekamu jaarra 18ffaa booda erga Oromoon habashootaan bitamee qabeenyaafi biyya isaa irratti abbummaa dhabuun isaa olee buleera. Keessumaa lafa hadhuura Oromoo kan ta’e Finfinnee irra deddeebiin kan qotee bultoota Oromoo buqqisuun saamaa kan turaniifi kan jiranidha.kanaafuu uummanni Oromoo hanga keessummaan alaa sitti gale qabeenya kee saamu callistee ilaaluu hin qabdu jechuun qaacceffameera .

### 4.3.3 Maljoo Hi’eentaa

Maljoon hi’eentaa /Negative face act/ Akkuma nama kamiyyuu bilisummaa kan barbaadudha.kana jechuun wanti nama tokko,hawaasa tokko dhaabbata tokko barbaachisu anaanis na barbaachisa jechuun yaada ofii kallattii ittiin ibsatanidha.Kana jechuun dhiibbaa qaama kamiyyuu kan hin barbaannedha.qaamni biroos maal naan jedha kan hin jenneefi kaayyoofi fedhii isaa galmaan gahuuf kan socho’udha.

52 Dheeratus karaan nan hambisu,hin hafu sirraa
65 Kan gaaf duraarree gumaan hin bane jedha kuuni
93 Koo garaan dide gammachuu

Toora tokkoffaa irratti ,dheeratus karaan nan hambisu ,hin hafu sirraa yaadni jedhu ,Uummanni Oromoo bilisummaa isaaf erga qabsoo hidhannoofi qabsoo karaa nagaa gaggeessu jalqabee oolee buleera, adeemsa qabsoo kana keessatti karaa diina isaa gufuufi gufaata hedduutu isa mudachaa kan tureefi kan jirudha.gufuuwwan diina isaatiin isaaf qophaa’uuf osoo harka hin kenniin hanga dhaaba mirgaa Oromoof falmuuf mootummaa wayyaanee waliin wal waraanaa jiran waliin wal arginee tokkummaan lollee bittaa wayyanee kuffisnutti kan qabsoo itti fufan ta’uu ibsa.

Toora lammaffaa irratti kan gaaf duraarree gumaan hin bane jedha kuuni kan jedhu Oromiyaa bulchiinsa habashootaan waggaa dhibba tokko ol yeroo bulaa turtetti hayyoota Oromoo qabsoo saba isaaniif falmaa turan harka habashootaan yeroo ajjeefamaa turaniifi uummanni qulqulluun yeroo itti dhumaa turanidha. keessumaa bara mootii Miniliik seenaan kan dubbatudha .sirna wayyaanee keessattis ilmaan Oromoo qaqqaaliin birmadummaa Oromiyaafi Oromoof harka wayyaaneetiin wareegamaa kan turaniifi kan jiranidha. Kanaafuu araara hin barbaannu ajjeefneetu gumaa lammiilee dhumanii baafanna malee kan jedhu ergaa dhaama.

### 4.3.4 Dursoo

Dursoon dhimma kana dura raawwate bu’uura taasifachuun , xiinxaluun ykn mirkaneessuun raawwii har’aatiif yaada kennuudha.Yaada tokkoof yaadonni kan biroo dursee ta’uu maludha.kana jechuun ,gochaan amma raawwatu tokko isa duraan raawwate tokko bu’uura taasifachuu danda’a jechuudha (Addunyaa,2016)

56 Manni keenya gara gooroo
57 Inni ammaa qaallittiidha

Walaloo Sirba kana keessatti bo’oon walaloo dursoon dhiyaate ,inni ammaa qaallittiidha kan jedhudha. Yaadrimeen hima kanaa kana dura Ummanni Oromoo bakka inni jiraachaa ture, lafa handhuura biyya isaa kan ta’e finfinneedha. Haata’umalee sababa dhiibbaa habashootaatiin qotee bultoonni Maccaaf Tuulamaa hedduun buqqifamanii godinaalee Oromiyaa birootti bittinneessuun yeroo ofiif qubatantu ture. Keessumaa bara sirna wayyaanee maqaa master plan jedhuun qotee bultoota Oromoo buqqisaa yeroo tuanitti beektonniifi qeerroowwan Oromoo mormii mootummaa wayyaanee irratti waan gaggeessaniif beekaaf wallaalaa jaarsaaf jaartii dargaggoo osoo hin jenne heddumminaan mana amala sirreessaa Qaallittiitti hidhamanii kan turanidha. Kanaaf sirba kana keessatti Galaanaan miira Uummata Oromoo yoo ibsu dur manni keenya asoo inni ammaa qaallittiidha jechuun ergaa isaa dabarse.

### 4.3.5 Mirkansoo/entailment /

Mirkansoon hariiroo kallattiitiin yookiin alkallattiitiin himoonni yaada dimshaashaa qabatanii jiran karaa kallattii yookiin al kallattatiin himoonni (yaadni) itti aananii dhufan karaa ittiin ibsanidha (Goerge Yule)

25 Du’us gumaasaa hin dhabu
26 Numatu baasa gumaakee

Himoonni yoodanni lamaan kun mirkansoodhaan qabiyyee sirbichaa keessatti dhiyaatanii argamu.yaadni du’us gumaasaa hin dhabu jedhu hima lammaffaa numatu baasa gumaakee kan jedhuun mirkanaa’eera. Kana jechuun qabsoo uummanni Oromoo birmadummaa biyya isaaf waggoota hedduu taasisaa ture keessatti diinota isaatiin hedduun wareegameera. Wareegama lubbuu qabsaawonni taasisanii darban.Ilmaan Oromoo qeerroofi qarree keessumaa qube generation jedhaman gumaa wareegamtoota kaleessaa akka baasaniif ergaa dabarsa kan jedhuun qaccefameera.

### 4.3.6 Hima Ajajaa

Himni tajaajila isaan kennan irratti hundaa'un bakka garaagaraatti qoodamu. Qooddii kana keessaa himni ajajaa isa tokkodha. Akkuma maqaa isaa irraa hubannutti himni ajajaa qaamni tokkoo waan tokko akka raawwatuuf ajaja kennuu jechuudha. Himoonni ajajaa sirboota kana keessatti argamanis:

48 Koottu lammii kee siif wayyaa.
64 Diina buqqisuudhuma qabna.
77 xinnoo hin qabduu diina hin ttuufatiini

Himoonni kun sirba kana keessatti bakka garaa garaatti galuun ergaa dabarsuun barbaadame ittiin darbee jira.hima tookoffaa irratti koottu lammii kee siif wayyaa kan jedhu, orma wajjin hiriirtee yookiin waliigaltee qomoo kee hin miidhiin kan jedhudha.alagaan gaafa kolfaa firri gaalfa golfaa akkuma jedhamu.keessumaa baroota bittaa sirna wayyaanee Oromoonni tokko tokko faayidaa yeroof jedhanii akkasumas aangoo yeroof jedhanii qabsaa'ota Oromoo ajjeesisuu,hiisisuufi biyyaa baasisuu irratti bal'inaan hojjechaa waan turaniif ,namoota kana qeequun akka isaan lammii isaanii diina waliin hin mine ergaa kan dabarsudha.

### 4.3.7 Hima Himamsaa

Himamsi akaakuu himaa odeeffannoo yookaan laallee dabarsuuf kan fayyadudha.himni kun kanneen tuqaadhaan goolabaman keessaa tokko isa tokkodha (Addunyaa ,2016)

90 Keenyawoo lammiin mana hidhaa
95 Gootatu gumaa baafata

Himni toora tokkoffaa irratti argamu keenyawoo lammiin mana hidhaa,kan jedhudha.sirna wayyaanee keessa qabsaa'onni Oromoo hedduun biyya isaaniif bittaa mootummaa garboofataa mormani,baay'naan hidhamanii turuu isaanii lammii isaa kanneen birootti himuun ergaa kan dabarsedha.Toora lammaffaa irratti gootatu gumaa baafata kan jedhu,qabsaa'ota mirga saba isaaniif jedhanii osoo diinaan falmanii wareegaman, gumaa isaanii lammiileen hafan cimoofi kaayyoo warra wareegamee yoo qabatan gumaa isaanii ni baasu jechuun ergaa kan dabase ta'uun qaacceffameera.

### 4.3.8 Hima Gaaffii

Himni gaaffii waa’ee waan tokko odeeffannoo barbaaduuf akaakuu hima itti fayyadamnudha.himicha gaaffii kan taasisus mallattoo gaaffii ofirraa qabaachuu isaati ( Addunyaa 2016).

48 Namni sitti jiguu wayyaa?
51 Nan lolas jedhee yoom rafe?
55 Akkamiin lammiitti callisu?

Himni toora tokkoffaa namni sitti jiguu wayyaa? Kan jedhu mammaaksa Oromoo keessatti tulluun sijiguumoo namni sitti jiguu wayya akkuma jedhamu,kam siif wayya adda baafa dhu kan jedhun gaaffii isaaf deebii irraa barbaada.irra caala sirnoonni darban ummata Oromoo miidhaa guddaa irraan gahuu isaatiin ,yeroo mormiin gaggeeffamaa jirutti miidhaa uummata irraan geessu dhiistamoo,ummanni bal’aan mormiin si buqqisuu wayya ergaa jedhu dabarsu hubanna.

Toora lammaffaa irratti.walaloon hima ‘nan lolas jedhee yoom rafe’ jedhu gootonni Oromoo qeerroofi qarree Oromoo dabalatee birmadummaa biyya isaaniif diina waliin hudhee wal qabuuf waadaa walii gale halkaniifi guyyaa kan hojjetan ta’uu isaaniifi tasuma kan wal hin daganne kan wal eegan kan wal tiksan ta’uu isaanii erga kan dabarsudha

Toora sadaffaa irratti himni ‘akkamiin lammiiitti callisu’jedhu Sirba amalakeefi soda qawwee hin qabnu jedhu keessatti gidiraafi cunqursaan ilaan Oromoo irraa mootummaa Wayyaaneen gahamaa ture safaraafi tilmaama kan hin qabne ta’uu sirboota kana lamaan keessatti bal’inaan ibsamanii jiru. Kanaafuu,miidhaafi dhiibbaa diinni lammii irran gahaa jiru callisanii ilaaluu osoo hin taane waliin Oromoonni godinaalee hundaa waliin kaanee tokkummaan irree tokkoon wal cina dhaabbannee diina keenya kana ofirraa kaasuu qabna yaada jedhu kan hubannudha.

### 4.3.9 Bamaqaa Qabeenyaa

Akaakuun bamaqaa kanaa qabeenyaan tokko kan eenyuu akka ta’e agarsiisa.Bamaqaan qabeenyaa akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti qabeenyi tokko kan eenyuu akka ta’ee,abbummaa qabeenya sanaa kan nutti agarsiisudha.

86 Harki mirga kootii cabnaan
90 Keenyawoo lammiin mana hidhaa
32 Dur manni keenya asoo

Bamaqaaleen himoota kana keessatti tajaajila kanaaf oolan;kootii,keenyawoofi keenya kan jedhamanidha. Bamaqaan qabeenyaa kootii jedhu kan nama dhuunfaa yoo ibsu ,harki isaa mirgaa cabnaan harki bitaa gatii akka hin qabneef kan ibsudha.bamaqaan qabeenyaa keenyawoo jedhu,qabeenychi kan walii isaanii ta’uu ibsa. Kana jechuun walaloo sirbichaa keessatt lammiileen Oromoo mana hidhaa keessatti dararamaan kan walii isaanii ta’uu isaaniifi waa’een lammiilee hidhaatti dararamanii kanneen mana isaanii jiran dhiphisuu qaba ergaa jedhu dabarsa.

## 4.4 Qaaccessa Ergaa Fayyadama Afaanii sirba ‘Amalakeefi Sodaa Qawwee hin qabnu’ jedhu keessatti

Mata duree kana jalatti ragaaleen xiinxalaman gootummaa,mirgaan galuu,iccitii eeguu,tokkummaa,kaayyoo tokkoof waliif tumsuu,abdii,jaalalafi hayyoomuun wal duraa duubaan xiinxalamaniiru. Ragaaleen kunneenis dabalee jalatti kan argamanidha.

### 4.4.1 Gootummaa

Gootummaan sabni tokko waliin ta’uun wal cina dhaabbachuun wal dhaggeeffachuun diina halaalaa dhufee biyya isaa irratti isa weeraruuf deemu kan waliin ofirraa qolachuun injifannoon deebi’udha.gootummaa namni dhuunfaas qabaachuu danda’a. kunis sabni tokko diinaan garboomee qabeenya isaa irratti mirga yoo dhabe namni dhuunfaan ofii isaa lolee of wareegee saba isaa irraa roorroo ittisuun tiksuu danda’a sirboota amalakeefi soda qawwee hin qabnu keessatti walaoon sirbichaa gootummaa ibsan

8 Bodee abbaa shiraan qaba
9 Kan diree keessa dhahu
19 Biifnee roorroof hin sarmine
20 Sodaa qawwee hin qabnu
100 Onnees jennaan sanyii Taaddeeti bar dhaloonni

Toora tokkoffaa irratti gaaleen’ bodee abbaa shiraan qaba’jedhu meeshaa waraana aadaa kan qarri isaa sibiila ogummaan qarame ta’ee qabannaan isaa leemmana yookiin muka bareeda soofamee itti gale kan uummanni Oromoo bara xaaliyaaniin Itiyoophiyaa weerarte ittiin lolee injifatedha.Toora lammaffaa irratti gaaleen ‘kan diree keessa dhahu’ jedhu garbummaa mootummaan wayyaaanee uummata Oromoo irratti meeshaa waraana ammayyaan doorsiftee itti feete, meeshaa waraana ammayyaa miti meeshaa waraana aadaa bodee kanaan keessan dhaha yookiin nan waraana kan jedhudha.

Toora sadaffaa irratti gaaleen Biifnee roorroof hin sarmine kan jedhu,sirna gadaa keessatti goggeessi gadaa kan jirudha. Gogeessa gadaa keessatti dhaloonni sadarkaalee gadaatiin gahee mataa isaanii qabu. Gahee isaan qaban kunis umurii isaanii irratti hundaa'uun kan itti seenaniifi keessa darban yoo ta'u ,kanneen umuriin isaanii eegduu biyyaa akka ta'aniif isaan geessise biifnee yeroo jedhaman biifneen kun kan diinaaf harka hin kennine jabaa ta'uu isaanii kan ibsudha.

Toora arfaffaa irratti bo'oon walaloo Sodaa qawwee hin qabnu jedhu,sirna bittaa wayyaanee keessatti meeshaa waraanaa gahee guddaaa taphateera. Kana jechuun uummatni Uummanni Oromoo mirga isaafi biyya isaa diinaan sarbame deebifachuuuf mootummaa wayyaanee loltoota isaa qawweeefi meeshaa waraana ammayyaa hanga funyaaniitti itti hidhe, soda qawwee malee Uummanni Oromoo falmachaa fincilaa kan ture ta'u ibsa.

Toora shanaffaa irratti Onnees jennaan sanyii Taddeeti bar dhaloonni kan jedhu, Taaddasaa Birruun goota jabaa lammii isaa Oromoof jedhee jireenya gaarii mootummaa Hayilasillaasee waliin jiraachaa ture gatuun dararama lammiilee oromoo irra gahu qolachuuf qabsoo kan eegaleefi qabsoo isaatiinis bu'uura qabsoo bu'uuressee seenaa jabaa dhalootaaf dabarsuun kan wareegame yoo ta'u dhaloonni ammaas sanyiin Oromtichaa tokko waan ta'eef akkuma Taaddasaa diinaaf kan hin jilbeeffanneefi goota ta'uu isaanii ta'uu hubanna.

### 4.4.2 Mirgaan Galuu

Mirgaan galuun waldhibdee garee lama gidduutti uumame keessatti walitti bu'uun kan hafu miti. Walitti bu'insi kun lola cimaa uumuun hanga lubbuu wal gaagga'uu geessisuu danda'a.walitti bu'insa kana keessatti gareen tokko olaantummaan injifachuun isaa dirqama. Gareen diina isaa injifatee,miraan gale jedhama.

74 Ajjeefneetu baafanna dhiigaanii
76 Ofkabachiisu dhiigumaanii
85 Gogombisi irra marsi (2)

Toora tokkoffaa irratti bo'oon walaloo sirbichaa ,Ajjeefneetu baaafanna dhiigaaanii jedhu, Qabsoo Oromoon Mootota habashaa irratti waggoota 100 oliif birmadummaa biyya isaaf gaggeessaa ture keessatti,bifa jaarsummaafi soddummaan qabanii araara jechaa turaniiru.akkasums sirna wayyaanee keessattis Oromoon waraana wayyaanee caccabsee yeroo

bakka dhorkatee injifatu, tooftaa ittiin Oromoo deebisanii of harka seensisaa turan keessaa araarri isa tokko. Haata'u malee qeerroofi qarreen Oromoo kana baree araaraaf osoo garaa hin laafne,akkuma lammiileen keenya hedduun mootummaa wayyaaneen dhuman nutis ajjeefnee dhiigaan gumaa isaanii deebisna malee araara hin feenu ergaa jedhu dabarsa.

Toora lammaaffaa irratti Ofkabachiisu dhiigumaani kan jedhu, Roorroon biyyatti dhufte akka salphaatti kan hin deebinee yoo ta'e wareegame barbaachisu baasuun birmadummaa biyyaafi hawaasa ofii kabachiisu ergaa jedhu qaba.

Toora sadaffaa irratti bo'oon walaloo sirbichaa Gogombisii irra marsi jedhu,Uummanni Oromoo diina isaa kan ture mootumma garbooffataa mootummaa wayyaanee qee isaa irratti roorrisee ilmaan Oromoo hedduu lubbuu isaanii gaaga'e kana kaabaa kibbatti, bahaa dhihatti itti marsii kukuffisii lubbuu baasi biyya kee bilisoomse kan hubanna.

### 4.4.3 Iccitii Eeguu

Nama dhuunfaa irraa eegalee hanga dhaabbilee hawaasummaa gurguddaatti hiccitiin namoonni kan walitti dhufaniifi iccitii kan walitti himatanidha.mana hojii mootummaa keessaafi loltoota biyya tokkoo yookiin garee hawaasa tokko keessas iccitiin hojii kan jirudha

101 Gama iccitiin Saadam Saadooti dhaloonni
25 Akka alagaan hin beekne

Toora tokkoffaa irratti Gama iccitiin Sadam Saadooti kan jedhu, Sirna bulchiinsa nafxanyootaa eegalee Uummanni Oromoo abbaa biyyummaa mirkaneeffachuuf karaa bittaa'eefi karaa gurmaa'een qabsoo ciccimaa taasisaa ture.yeroo kanatti tekinoloojiin laafaa waan ta'eef karaan ittiin wal qunnaman xalayaan ture. Uummanni Oromoo Bahaa Ummata Oromoo kibbaa, giddu galeessaafi dhihaa xalayaan akkaataa qabsoo isaanii itti cibsatan yeroo waljijjiran turan. Namoota bara Hayilasillaaseefi Darguu xalayaa deddeebisuun qabsoo uummata Oromoo cibsaa turan keessaa Sadaam Saadoo isaan tokko turan.guyyaa tokko xalayaa akkaataa qabsoo Oromoo cibsu irratti barreeffame qabatanii gara lixa Oromiyaatti Osoo imalanii loltoota mootummaatiin yeroo to'ataman ergaa xalayaa sanaa osoo hin agarsiisiin nyaatanii liqimsuun iccitii qabsoo isaanii osoo hin baasiinifi alagaan hin beekiin harka diinaan wareegamuun jaallan isaanii kan biro du'a irraa yoo baraaran ,dhaloonni qubee amma mootummaa wayyaanee kuffisuuf qabsootti

jiru iccitii walii isaanii akkuma baroota darbanii eeguun diina isaanii akka injifatan kan jedhu hubanna.

### 4.4.4 Tokkummaa

Ilmaan namaas ta'ee bineensonni yookiin lubbu qabeeyyiin hundi tokkummaan diina isaanii kan ofirraa ittisan ta'uun beekamaadha. Bakka tokkmmaan hin jirretti miidhamatu jira. Keessumaa ilmaan namaaf tokkummaan jireenya isaaniif isa bu'uuraati. Namoonni akkaataa wal fakkaataniifi waliin jiraataniin tokkummaa isaanii cimsatanii diina isaanii lolatu.Uummanni Oromoos baroota hedduuf tokkummaan diina isaa ofirraa ittisaa kan tureefi ammas ittisaa kan jirudha.sirboota Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnuu keessatti tokkummaa kan ibsan ni jiru.

71 Ijaarsa kee tolchi
84 Gamtaan lolle kanumaaf cimneerra
98 Hayyuun wal taateee biyyaaf alaa walitti asaasa
17 Jibaat qilleensi hin raasu

Toora tokkoffaa irratti bo'oon walaloo sirbichaa Ijaarsa kee cimsi jedhiini jedhu, Uummanni Oromoo sirna wayyaanee kuffisuuf qabsoo ciccimaa taasisaa tureera.qabsoo taasisaa ture keessatti yeroo tokko tokko hanqinoonni mul'achaa turaniiru. Hanqinoonni kunis tokkummaa dhabuu godinaalee Oromiyaa tokko tokkooti. Kana jechuun godinni tokko yeroo qabsoo fininsu godinni biro riphanii taa'uun mul'achaa kan turedha.akkasumas sadarkaa nama dhuunfaattis tokkummaan dhabamuun diinaaf wal saaxilaa turaniiru. Hata'umalee, qarroofi qarreen bara 2016 yeroo master pilaanii qindaawaa jechuun mootummaan wayyaanee lafa qotee bultoota Oromoo naannawaa Finfinnee saamuuf karoorfatetti fincila qeerroofi qarree Oromoo tokkummaa cimsateen fashalaa'eera.kanaafi ijaarsa kee tolchi kan jedheef , sabni ijaarame hin kufu,diinni salphaatti hin weeraru,yeroo mara ni injifata ergaa jedhu dabarsa.

Toora lammaffaa irratti Gamtaan lolle kanumaaf cimneerra kan jedhu, Qabsoo Uummani Oromoo mootummaa wayyaanee kuffisuuf socho'e keessatti tokkummaan isaa gahee guddaa taphateera.kana jechuun godinaaleen Oromiyaa hundi wal gargaaruun yeroo fincilan, kutaan hawaasa hundi beektonni, xiqqaa guddaan, qotee bultoonni, daldaaltonni barattoonni kan tokkummaan itti hirmaachuun jijjiirama kana kan fidanidha.

Toora sadaffaa irratti Hayyuun wal taatee biyyaaf alaa walitti asaasa kan jedhu, qabsoo uummani Oromoo taasisaa ture keessatti beektonni biyya keessaafi alaa ,dhaabonni siyaasa Oromoo hundi

garaagarummaa yaadaa dhiisuun tokkummaan uummata isaanii cina dhaabbachuun sirna wayyaanee kuffisanii jijjirama fiduu isaanii ergaa kan dabarsu ta'uu hubanna.

Toora arfaffaa irratti bo'oon walaloon sirbichaa Jibaat qilleensi hin raasu jedhu ,bosonni jibaati godina shawaa lixaatti kan argamu yoo ta'u, bosona baay'ee hedduminaafi yabbina qabu ta'ee qilleensi salphaatti kan hin raasnedha. Akkasumas,uummanni Oromoo akkuma bosona kanaa heddummina kan qabuufi walitti dhiyeenyaan kan jiraatu waan ta'eef salphaatti diinaan kan rukutamu miti.kanaafuu Uummaanni Oromoo akkuma heddummina keessaniitti wal cina dhaabbadhaa diina keessan injifadhaa kan jedhu hubanna.

### 4.4.5 Ejjennoo Qabaachuu

Daandii milkaa'ina namoota hedduu keessaa tokko ejjennoo sirrii qabaachuudha.ejjennoo sirrii qabaachuun wantoota jireenya namaa keessatti shakkii uumuun kufaatiif nama saaxilan irraa bilisa nama baasuun milkaa'ina nama gonfachiisa.

42 Siif jechan dhufe daggala luuccessee
72 Turtee garaa hirtaare Lattuu?

Bo'oon walaloo sirbichaa toora tokkoffaa  siif jechan dhufe daggala luuccesse jedhu kun waadaa walii galame kabajuun galma bahaniif cichanii deemuuudha.

Toora lammaffaa irratti turtee garaa hirtaaree Lattuu kan jedhu,Lafa kana irratti waanti akka laayyootti argamu gonkuma kan hin jirre ta'uun kan dhugaa irraa fagaate miti.keessumaa namoonni uumama isaaniitiin bilisummaan dhalatanii guyyaa keessa harka namoota dhiibbaa geessisaniin yeroo garboomantu jira.garbummaa kana jalaa bilisa of baasuuf immoo qabsoofi wareegama gaafata. Qabsoof wareegama kana baasuuf immoo waliigalteefi tokkummaa murna walfakkaatuu gaafata. Yoo tokkummaafi waliigalteen hin jirre injifannoon hin jiru. qabsoo gaggeessuufis ta'ee waa waliin raawwachuuf waadaan waliigalamee raawwii isaa irratti akkaataa walii galametti raawwachuun dhibee adaduma bultiin dheeratu kaayyoo ofii ganamaa dagatu taanaan birmadummaa dhalootaan argatan sana dabarsanii alagaaf kennuu taati.sirba kana keessattis ergaan isaa kaayyoo itti waliigalame tokkummaan galmaan gahuu qabna malee haala ilaalanii jijjiiramuun sirrii akka hin taaneefi ejjennoo sirrii qabachuun milkaa'inaatti kan nama geessu ta'uu isaa hubanna.

### 4.4.6 Kaayyoo Tokkoof Wal tumsuu

66 Dubbiin jabaattee Mirgaaf biyyaaf falma dhaloonni
7 Ennaa Amboon duumessaahu
8 Beegii irraan qaqawweessa

Toora tokkoffaa irratti 'dubbiin jabaattee mirgaaf biyyaaf falma dhaloonni' kan jedhu bu'uu bayii qabsoo Uummanni Oromoo diina isaa sirna wayyaanee kuffisuuf taasisaa ture keessatti,kaayyoofi galmi Uummata Oromoo kan bahaa,kan dhihaa,kan kibbaa,kan kaabaafi giddugaleessaa tokko dha. Kana jechuu waliin miidhaman, waliin saamaman ,waliin jibbaman malee diinni isaanii tokko fayyadee kan irraan miidhaa hin geessifne.kanaafuu,kaayyoon isaaniifi galmi isaanii tokko waan ta'eef xiqqaa guddaa ,beekaa wallaalaa osoo hin jenne waliif tumsuun mootummaa abbaa irree wayyaanee kuffisuu isaanii kan nama hubachiisudha.

Toora lammaffaa fi sadaffaa irratti 'ennaa Amboon duumessa'u,Beegii irraan qaqawweessa'kan jedhu qabiyyeen ergaa isaanii wal fakkaata. Godinaaleen Oromiyaa qabsoo taasisaa turan keessatti,tokkummaan kan wal bira dhaabbatanii wal deeggaraa kan turaniifi kan jiranidha. Keessumaa yeroo hedduu giddu gala qabsoo Oromoo jedhamtee kan waamamtu magaalan Amboo yeroo hedduu fakkeenyummaa qabsoo taasisuun kan maqaan dhahamudha. Magaalaa Amboofi naannoo ishiiti sochiin qabsoo eegallaan osoo oolee hin buliin guutuu Oromiyaa wal gahaa kan turedha.kanaafuu, Uummanni Oromoo hundi waan waliin dhabe malee ,waan irrattti wal dhabe waan hin qabneef diina isaa mootummaa abbaa irree kan ta'e ofirraa kaasanii birmadummaa isaanii birmadummaa isaanii mirkaneeffachuuf wal tumsuufi wal deeggaruun dirqama isaanii ta'u ergaa kan dabarsu ta'uun qaacceffameera.

### 4.4.7 Abdii

Jiruufi jireenya hawaasni addunyaa kanaa gaggeessu keessatti ,hammeenyi, gidiraafi cunqursaan garaa garaa karaa uumamaafi namtolcheen kan isaan irra gahaa turedha.dhiphinaa, gadadoo,hammeenyaa,cunqursaafi k.k.f keessaa bahee jireenya haarawaa jiraachuuf yeroo itti halkaniifi guyyaa ifaajjutu mul'ata.Ifaajjee isaatiin immoo jireenya boqonnaa qabuufi jireenya haaromee fooyya'insa qabutti akka deemu abdii qabaachuu isaa tooftaa garaagaraatiin ibsata.bo'oon walaloo sirba Amalakeefi sodaa qawwee hin qabnuu jedhu keessatti Abdii agarsiisu:

88 Lafti yoo barii dimimmisa
109 Bilisummaa keenya araarri
29 Turree wal geenya haqaan

Toora tokkoffaa irratti ‘Lafti yoo barii dimimmisaa’kan jedhu,Uummanni Oromoo sirna nafxanyaa eegalee hanga bulchiinsa wayyaaneetti,qabsoo wareegama qaqqaalii gaafatu taasisaa as gaheera.sababni qabsootti isa kaasee keessaa tokko lafa isaa kan uumaan irratti isaan uume diinaan saamamaa waan turefidha.keessumaa hadhuura isaa kan ta’e Magaalaan finfinnee diinaan saamamee qotee bultoota Oromoo kumaatamaan kan irraa kaasanidha.bara 2016 irra deebiin maqaa master pilaanii jedhuun saamicha lafaa yeroo eegalan qeerroofi qarreen Oromoo beektonni hundi qabsoo hadhawaa mootummaa wayyanee waliin taasisuun wareegama guddaa baasuun mootummaa wayyaanee yeroo aangoo gadhiisisanitti miidhaafi dararaan garaagaraa isaan irra haa gahu malee abdiin isaan qaban qabeenyi isaanii saamame isaaniif deebi’ee jireenya gaarii jiraachuuf kan abdatan ta’uu hubanna

Toora lammaaffaa irratti ‘Bilisummaa keenya araarri kan jedhu’Kan Oromoon qabsoo hadhaawaa taasisaa tureef ,waan dhabe deebisee argachuufidha. Waanti Oromoon dhabee argachuuf qabsootti amanee seene immoo Bilisummaadha.yeroo qabsoo taasisaa ture keessatti immoo jaarsummaafi sobaan uummata Oromoo qabsoo miliqsuuf shira garaa garaa mootummaan wayyaanee xaxaa kan turedha.haata’umalee, shira isaan xaxan kanaaf osoo harka hin kennine Uummanni Oromoo qabsootti of cibsuun araarri kan ta’u bilisummaa keenyaan hiree keenya yoo murteeffanne qofa jechuun diina isaatti kan hime ta’u ergaa kan dabarsedha.

Toora sadaffaa irratti ‘Turree wal geenya haqaan kan jedhu’dhugaan qal’attuuyyu hin cittu akkuma jedhamee mammaakamu,haqni uummanni Oromoo dhabe ,oolee bula guyyoota lakkoofsisa malee bakka isaa ganamaatti akka deebi’u fuulduratti abdii qabaachuu isaa kan ibsuun qaacceffameera.

### 4.4.8 Jaalala

Lubbu qabeeyyiin uumamanii lafa kana irra jiran hundi jaalala kan waliif qabanidha.jaalallli isaan waliif qaban sadarkaadhuma isaan jiran irratti kabajaafi safuu waliif qabaniin kan dhugoomudha.jaalala kana kan waliif qabanis waan uumaman isaaniif kennamee yoo waliif kabajanidha.keessumaa jaalalli namootaaf murteessaa yoo ta’es namoonni waan qaban waliif kabajanii waliin jiraachuu irratti hanqinoota hedduutu mul’ata, murni tokko waa’ee isaafi

eenyummaa isaa kanneen birootti fe’uuf yeroo tattaafatu mul’ata. Kun immoo jibbaafi lola uumuun addunyaa gaga’uun isaa asuma biyya keenya keessatti olaantummaa sirna nafxanyaa duraaniifi bulchiinsi wayyaanee ragaadha.siboota Amalakeefi saodaa qawwee hin qabnu keessatti jaalala kan ibsan ni jiru.

9 Najaalannaan murteessi
19 Anoo jibbaan sin beeku Lattuu
68 Barkuusa jaalalaati atoo
91 Suman leellisa erga gidduu kanaa
97 Garaan jaalalaa na boohe

Bo’oowwan walaloo sirba amalakeefi soda qawwee hin qabnu jedhu keessatti jaalala ibsan kanneenidha. Qabiyyeen bo’oowwan sirboota kanaa,Uummanni Oromoo kallattii garaa garaan hiree ofii murteeffachuuf qabsoo kan taasisaa jirudha. Kallattii qabsoo taasisaa turan keessaa jaarmiyaalee siyaasaa Oromoof dhaabatan keessatti ijaaramuunidha. Jaarmiyaa siyaasa Oromoo ta’ee waggoota 40 dura ijaaramuun qabsoo oromoof xurree kan bane ABO dha. Addi bilisummaa Oromoo dhaaba jaalala guddaa uummata Oromoo irraa qabudha. Jaalala uummanni qabuuf kana immoo mootummaan wayyaanee waan hin jaalanneef uummanni kallattii garaa garaan jaalala isaan qabaniif ibsaa kan turaniifi ammas kan itti jiranidha.kanaafuu,bo’oowwan sirbicha keessatti jaalala ibsan kun bakka adda addaa galuun kan ergaa dabarsanidha.

### 4.4.9 Hayyooma /Gamnummaa/

Jiruufi jireenya dhuunfaa ofii milkeessuufis ta’ee kan hawaasa ofii jijjiiranii haala mijataa uumuuf hayyoomuun dirqama. Waanta haaraa kalaqanii rakkoo hawaasaa furuufi rakkoo wal xaxaa siyaasaa keessaa of baassun jireenya birmadummaa jiraachuuf, rakkoo seenaa qorachuun sirreessuun dhalootaaf ragaa bu’uura ta’e katabanii dhaloota dhaalchisuuf hayyoomuun dirqama lammii hundaa ta’uun kan wal nama gaafachiisu miti. Garuu hojiirra oolchuufi hojjetanii ittiin milkaa’uun sochii tokkoon tokko namootaa kan gaafatudha. Uummanni Oromoos akka uummataatti hayyummaa isaatiin beekumsa addunyaaf gumaache kan qabudha. Akkasumas hayyoonni Oromoo uummata isaaniifi adduunyaaf bu’uu buusan kumaatamaan kan jiranidha.sirba Amalakeefi sodaa qawwee hin qabnu jedhu keessatti bo’oon walaloo hayyoomu ibsu kan jirudha.

96 Gowwaa bineensaa boolla tokkotti sagal waraanu
48 Seenaa qoradhu bor ittiin dhaadattaa

Toora tokkoffaa irratti ‘gowwaa bineensaa boolla tokkotti sagal waraanu’ kan jedhu, Uummanni Oromoo bara Miniiliki gargaarsa meeshaa waraanaa biyyota Awurooppaa irraa argatee Oromoo dabalatee sabaafi sablammoota Itoophiyaa bitee eegalee ,bulchiinsa habashootaatiin dabareedhumaan dararaamaa kan turedha. Haata’umalee, erga sirna nafxanyaa, kuffisaniis mootummaan abbaa irree Darguus dabareedhuma isaatiin Uummata kana irratti dararama gaggeessaa ture. Dararama kana jibbuunis Uummanni Oromoo qabsootti seenuun mootummaa Dargii kuffisaniiru. Mootummaaan dargii haa kufu malee, ammas Uummanni Oromoo waan qabsoo taasiseef guutummaan osoo hin mirkaneeffatiin qabsoon isaa sirna wayyaaneen butamee ammas dhiibbaa siyaasaafi rarraafama dinagdeetiif saaxilamuun ittima fufe. Bara 2016 saamicha lafa Oromoof karoora mootummaa wayyaaneen qindaa’ee bahe Uummanni Oromoo hundi tokkummaan wal deegaruun fincila taasiseera.Fincila tasifameenis mootummaan wayyaanee yoo kufe akka seenaa darbee bu’aa qabsoo isaanii ormaaf dabarsanii akka hin kennine ija hayyummaan xiinxaluun kallattii isaaniif mijachuu danda’uun deemuu akka qaban ergaa kan dabarsu ta’u hubanna.

Toora lammaaffaa irratti ‘seenaa qoradhu boru ittiin dhaadatta’ kan jedhu uummanni addunyaa kana irra jiru seenaan koo badaadha kan jedhu hin jiru. Sirna bulchiinsa nafxanyootaa keessatti garuu seenaan sabaaf sablammoota Itiyoophiyaa badaa kan ta’eefi kan hin miidhagne akka ta’etti habashoonni yeroo itti barreessaa tuuraniifi seenaa gaarii uummatoonni qabanis jallisanii akkaataa uummaticha hin ibsineen kan baarreessaafi barsiisaa turanidha. Keessumaa seenaa uummata Oromoo nafxanyootaan barreeffamee ture kan biyya kana diiguuf karaa qabsiisudha. Kanaafuu, seenaa akkaataa kanaan sirnoota darbaniin jallatanii barreeffaman yoo hayyoomnee seenaa dhugaa kan uummata ofii sirritti ibsuu danda’u barreessuu dadhabne, seenaa jallataa barreeffameen kan itti fufu yeroo ta’u,seenaa uummata ofii ,jabaafi beekaa ofii seenaa uummanni keessa dabarse isa sirriifi isa dhugaa qorachuun barreessanii dhalootaaf yoo dabarsan dhaloonni kan itti boonu ta’uu isaa ergaa kan dabarsudha.

## 4.5 Gahee Fayyadamni Afaanii Faayidaa Aangoo Hawaasatti Ibsuu

Hidhanni afaaniifi aangoo walitti dhufeenya mootummaa,hawaasa,miti mootummaafi namoota dhuunfaa cimsuufi laaffisuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.hidhanni afaaniifi aangoo itti fayyadama sirboota 'Amalakeefi sodaa qawwee hin qabnu jedhan,Sirna bulchiinsa Nafxanyootaafi sirna bulchiinsa Wayyaanee keessaa agarsiisu keessatti lafti handhuura Uummata Oromoo Finfinneen qubattoota habashaan kan weeraramedha.Weerara lafaa kanaan wal qabatee Afaan Oromoo,aadaafi lafti ulfoo Oromoo haphachaa dhufuun bal'inaan afaan,aadaafi waaqeffaannaa habashootaan bakka bu'ee jira. Eenyummaan Oromoo magaalaa Finfinnee kana keessatti quucaruun kan habashootaa akka dagaaguuf kan taasise humni guddaafi inni ijoo aangawoota mootummaati. Aangawoonni mootummaa afaan isaanii,aadaan isaaniifi amantiin isaanii akka babal'atuuf haala mijeessuun uummata keessatti babal'isanii argamaniiru. Uummanni uumama isaatiinis gochoota mootonni raawwatan hordofanii raawwachuufi afaan mootonni dubbatan dubbachuuf baay'ee si'aawoodha.aangawoonni mootummaas karoora mootummaa isaanii galmaan gahuuf,Lafa Oromoo saamuun dhaabbilee gurguddaa kan aadaa isaanii calaqqisiisu ,kan afaan isaanii guddisuufi kan eenyummaa isaanii himu ijaarrachuun kan Uummata Oromoo badiif akka saaxilamuuf dhiibbaa karaa adda addaa irraan geessisaa turaniiru.

Akkasumas, bara2006 afaan tolanii,waan guddina afaan,aadaafi eenyummaa Oromoof bu'aa buusu fakkeessuun maqaa master pilaanii jedhuun qotee bultoota Oromoo qe'eefi qabeenya isaanii irraa buqqisuun karaa biroo immoo kaffaltii gibiraa jechuun uummata saamuun, lafa qonna isaanii irraa kaasuun deebisanii maqaa liiziin gurgurachuun ijaarsa manneen waliiniifi apaartaamaa bakka qonnaan bultoonni Oromoo irraa buqqa'anitti ijaarrachuun firoota isaaniifi aangawoota isaanii heddumminaan kaaba itiyoophiyaa irraa fiduun keessa qubachiisuun haala lafa uummatichaa duraan ture (demography) isaa jijjiiruun kan hojjechaa turanidha. Adeemsa, kana keessatti immoo gootonni Oromoo sabboonummaa qaban biyyaaf saba isaanii jaallataniifi kanneen bara mootota kanaa aangoo qaban.mormii cimaa mootummaa irratti kaasuun uummata dadammaksuun ummata qabsootti seensisuun hanga kufaatii wayyaaneetti kan qooda guddaa taphatanis ni jiru .namoonni kun hawaasa Oromoo keessatti jaalatamummaa waan qabaniif waan isaan dubbataniifi raawwatan ummannis deeggaraa kan turedha.Afaan sabni isaanii dubbatu dubbachuun mormii gaggeessuun immoo uummata keessatti akka fudhatama argatan taasisee jira.sirbonni qorannoo kana keessatti xiinxalamanis gochoota hammeenya mootota habashaafi

fakkaattota isaaniitiin raawwataman mormuun uummata isaa faayidaa aangoo hubachiisuun gara qabsootti seensisee argameera.

Dabalataanis,Amalli moototа habashaa kun namoota Afaan Oromoo dubbatan kan sabummaan Oromoo hin taane aangomsuun ,Uummata Oromoo afaan afanjessanii burjaajessuun kaayyoofi karoora isaanii raawwachuuf tattaafachaa yeroo itti turanidha.kana jechuun namoonni aangoo irra jiran kun afaan Oromoo waan dubbataniif sabichaaf waan quuqaman fakkeessuun uummata gowwomsanii,uummanni bakka lamattiifi isaa olitti akka wal qoodu taasisuun bara aangoo isaanii dheereffachuuf kallattii adda addaan shira xaxaa kan turan ta’uu hubanna.Walumaa galatti itti fayyadamni afaanii haala qabatamaa hawaasaa aangoo itti ibsuu keessatti gahee guddaa taphachuu isaa nama barsiisa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1 Seensa

Boqonnaa kana keessattii cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu dhihaata.kunis hojii qorannichaa irratti hundaa'uufi yaadota ka'an bu'uureffachuun kan raawwatamudha.Kana malees,haalonni itti fayydama afaanii Sirba Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu keessa jiru maal akka ta'e,ergaa fayyadama afaanii Sirba Amalakeefi soda qawwee hin qabnu, keessa jiru maal maal akka ta'e,hidhanni afaaniifi aangoo maal  akka ta'e adeemsa qorannichi keessa darbe cuunfaa keessatti ibsama.Itti aansuudhaan argannoo qorannichaafi yaadni yaboon  duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

## 5.2. Cuunfaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yommuu ta'u boqonnaa tokko keesatti fayyadamni  afaanii dhimmoota hawaasumma keessatti,dirreewwaan hojii adda addaa kessatti itti fayyadamni adda addaa jiraachuufi bakka itti fayyadamnurratti hundaa'uun garaagarummaan afaanii akka uumamufi hawaasni miira isaa sirbaan waliif ibsuu akka danda'u ibsamee jira.kaayyoon qorannoo kanaas,fayyadama afaanii ,sirba Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu maal akka ta'e qaaccessuun dhimmoota fayyadama afaanii waliin wal-qabataniifi ergaa fayyadama afaaniifi hidhata afaaniifi aangoo Sirba 'Amalakeefi soda qawwee hin qabnu maal akka ta'e qaaccessuuf kan gaggeeffamedha.

Boqonnaa lama keessatti yaadrimeewwan Sirbaa, maalummaa Sirbaa, barbaachisummaa sirbaa, akaakuu,walaloo,yoomessa Sirbaa, fayyadama afaanii,maalummaa fayyadama afaanii,yoomessa sirbaa,yaadrimee fayyadama afaanii,maalummaa fayyadama afaanii,gahee fayyadama afaanii sirba keessatti qabu,akaakuu fayyadama afaaniifi barruuwwan wal fakkii qorannicha wajjiin walqabatan irratti sakkatta'i  barruufi barruun aantee sakatta'amee jira.

Boqonnaa sadi keessatti malleen qorannichaa,madda ragaalee,mala iddattoo,meeshaa funaansa ragaalee,fi mala qaaccessa ragaalee qindaa'ee jira.mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun adeemsifameera.haalli ragaan itti qaacceffame immoo boqonna afur keessattii dhiyaatee jira.kanumarratti hundaa'uun dhimmoonni waliigalaa qaaccessi irratti gaggeeffame,Sirba Amalakeefi sodaa qawwee hin qabnu'keessatti fayyadama mammaaksaa,jechamoota,malleen dubbii,ciigoo,Qaaccessa fayydama jechoota:jechoota waliinaa,jechoota loogaafi jechoota guyyuu fayyadama caasaa kanneen akka; cimsoo yookiin irra deddeebii,bakkisoo,maljoo

hi’eentaa,dursoo,mirkansoo,hima ajajaa,hima himamsaa,hima gaaffiifi bamaqaa qabeenyaafi ergaan fayyadama afaanii Sirba ‘Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu’jedhu keessatti mul’atu.kanneen akka: gootummaa, mirgaan galuu, iccitii eeguu, tokkummaa, ejjennoo qabaachuu, kaayyoo tokkoof wal tumsuu,abdii,jaalala hayyooma giddu galeessa godhachuudhan qaacceffameera.

## 5.3. Argannoo

Qaaccessaafi cuunfaa ‘Sirboota Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu’ jedhurraa argannoowwan armaan gadii argamaniiru.

Fayyadamni afaanii Sirboota Amalakeefi soda qawwee hin qabnu jedhen,fayyadama mammaaksaa,fayyadama jechama lubbu qabeeyyii bu’uureffateefi jechama qaama namaa bu’uureffate,malleen dubbii,nameessa,arbeessuu,akkasaa,fi mitihee,fayyadama jechoota waliinaa ,jechoota loogaafi jechoota guyyuu,fayyadama caasaa sirboota Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu:cimsoo /irra deddeebii /bakkisoo /bakka buusa /maljoo hi’eentaa,dursoo,mirkansoo,hima ajajaa,hima himamsaa,hima gaaffiifi bamaqaa qabeenyaatti sirnaan itti fayyadamuun bira gahameera.

Ergaan fayyadama afaanii sirboota Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu jedhu keessatti qaaccffaman,gootummaa,mirgaan galuu,iccitii eeguu,tokkummaa,ejjennoo sirrii qabaachuu,kaayyoo tokkoof wal tumsuu, abdii, jaalala, hayyooma /gamnummaa/fi k.k.f ta’uu isaanii hubachuun barbaachisaadha.

Fayyadamni afaaniifi haala qabatamaa hawaassa aangoo itti ibsuu sirboota Amalakeefi Sodaa qawwee hin qabnu;walitti dhufeenya mootummaafi hawaasaa,dhaabbileewwan miti mootummaafi namoota dhuunfaa cimsuu yookiin laaffisuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta’uu isaa. Sirni bulchiinsa nafxanyootaafi sirni wayyaanee,hadhuura Oromiyaa Finfinnee yeroo weeraranii eegalee afaan Oromoo ,aadaa Oromoo dhiibuun, akkasumas bakkeewwan lafa Ulfoo Oromoo kan turan balleessuun, afaan ,aadaafi amantii aangawoota mootummaan kan bakka buufamaniifi dhiibbaa aangawoonni sirnoota kana keessa Uummata Oromoo irraan gahaa turaniif Oromoonni magaalaa kana keessatti hafanis, eenyummaa isaanii dagachiisuun eenyummaa,amantiifi afaan angawoota mootummaa akka leellisaniifi hordofaa turan ta’uu isaanii itti fayyadamni afaani walaoo sirboota kana keessaa haala qabatamaa hawaa aangoo itti ibsee mormii kan agarsiisudha.

## 5.4 Yaboo

Addunyaa kana irratti uummanni seenaa hojjetee darbe,seenaa hojjechuuf akeeke,rakkoowwan jireenya isaa keessatti isa mudate kallatti garaagaraan ibsachuun dhalootaaf dabarsa.mudannoowwan ,miira isaafi seenaa isaa dhalootaaf dabarsu keessaa inni tokko walalooni. Walaloowwan Sirboota Afaan Oromoon qophaa'an osoo hundi isaanii gara barreeffamaatti jijjiiramani bifa maxxansaan taa'anii qabiyyee isaa irratti hundaa'uun qophii kitaaba barattootaa keessatti dabaluun barattoota barsiisuuf gumaacha qabaachuu danada'a

Hidhata afaaniifi aangoo ilaalchisee, aangawoonni sirnoota darbanii akkaata isaan itti Uummata Oromoo lafaafi qabeenya isaa irraa dhiibanii ,afaan, aadaafi amantii isaanii uummata irratti fe'uun babal'isan ragaa seenaa darbee taasifachuun aangawoonni Oromoo yeroo amma afaan Oromoo,aadaa Oromoofi seenaafi eenyummaa Oromootti ofiifis dhimma itti bahuun guddisuufi dagaagsuu akka qabaniifi Uummanni Oromoo dhiibbaa sirna kamiifuu osoo hin jilbeeffanne sabboonummaa isaa calaqqisiisuun eenyummaa isaa eeggachaa,kununfachaa osoo deeme dhiibbaa siyaasaa Ormaa of irraa qolachuu mala.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa.( 2010). *Natoo***:** Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Mega Printing Press.

**___**. (2011). *Akkamtaa:* Yadrimee Qorannoo Hujoo: Finfinnee, Oromiyaa

**____**.(2018).*Seemmoo:*Bu'uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo.Finfinnee, Oromiyaa.

Alamuu Hayiluu.(1994).*High school Teachers Attitudes Towards an awerness Raising Approach to vocabulary Teaching*.Addis Ababa:Addis Ababa Unversity MA thesis un published

Asafaa Tafarraa.(2004).Theorizing the present towards a sociology of Oromo Literature:Jarso Poetry.Finfine Branna Enterprise.

**___________**.( 2009).*Eela:*Seenaa.Oguma.Oromoo.Far-Est TradingPLC.

Ayub Imael.(2008).*Language Use of the Jamaican and Rasteferian Community* in Shshamane. A. Social Linguisstic study thesis.Addis.Abeba.

Caalaa Ejjetaa.(2011).Qaaccessa Jirra Jirra Itti Fayyadama Afaanii:Finfinnee.Waraqaa qorannoo digirii 2ffaa.Yuunivarsiitii Finfinnee(kan hin maxxanfamiin)

Clark, H.(1996).*Using Language*.Cambridge: Cambridge University Press

Crsytal.D.(1987).The Cambridge Encyclopedia of Language.Cambridge.Cambridge unv.press

Dirribsaa Abaatee.( 2018).*Research Metholodgy.*.Finfinnee: Mega Printin Press PLC.

Eric K.Acton.(2014).Pragmatics and Social Meaning of Determines:Stunford.Stunford University.

Fedhasaa Taddasaa .(2013).*Subii:*bu'uuraalee Og-barruu Oromoo.finfinnee: dhaabbata maxxansa subi printing press.

Fekade Azeze.(1991).Introduction to Oral Literature:Artistic printing Enterprise

Geetaachoo Rabbirraa.(2007). *Furtuu***:** seerluga Afaan Oromoo, Kuraz International publishing Interprise, Addis Ababa: Ethiopia.

George Yule .(2006).The Study of Language:Third Edition Cambridge :Cambrigde University Press.

Mirreessaa Amanuu. (2014).*Qalbii* .Seerlugaa Afaan Oromoo:Finfinnee. Elleenii printing press.

Misgaanuu Gulummaa .(2013).*Dilbii:*Bu'uura Afoola Og-afaaniifiAf-Walaloo Oromoo: Finfinne

_________ (2011*). Kattaa*: Ogummaa barreessuu: Finfinnee .Oromiyaa

Melakneh Mangistu.(1999).*Fundamental of literature*: AddisAbaba: Biranna printing Press.

Qorichee Gaarummaa. (2008).*Qaaccessa qabiyyee, Unkaafi fayyadama Afaanii Faarsaa Waaqaa Kitaaba Galata Waaqayyoo* (waraqaa qorannoo digirr 2ffaa ) Finfinnee: Yunivarsiitii Addis Ababaa (kan hinmaxxanfamne) .

Rabbirraa Tarrafaa .(2011).*Gadaa:* Caas-Luga Afaan Oromoo kutaa 9fi10: Maxxansa 2[ffaa] Finfinnee.Itoophiyaa

Theo Van Leevwen.(2008).*Discourse and Practice*:New Tools for Critical Discourse Analysis Oxford University press.

Yasin Khosh etal. .(2016).International Journal of Languages.Education and teaching.

ዛሪሁን አስፍው.(2007).ያስናጹፍ ማሳሬታዊያን .አድስ አባባ  :  ንግድ ማታምያ ድርጅት

http://www.Cause of conflict/business info.co.uk

# Dabalee A

*Walaloo sirba Gaalaanaa Gaaromsaa*

*Sodaa Qawwee Hin Qabnu*

*1.* Atillee yaa doloolloo riqicha kajeeltekaa

2. .Raareef riqicha ijaarree

3 .Galaaanni akkam haata'u?

4. Atillee yaa keessummaa

5. Ol darbuuf qajeeltekaa

6. Golaaf goolloon kan abbaa

7. Keessummaan diinqa hin gahu

8. Bodee abbaa shiraan qaba

9. Kan diree keessa dhahu

10. Du'eetan bada malee

12. Keessummaan diinq hin gahu

13. Du'a abbaa koo haata'u

14. Hin darbitu gurbaa

15. Akkamiin darbiti?

16. Dubbiin kun hiccitumaa

17. Odaan guyyaa hin daraaru

18. Ormi gateetti sobaa

19. Gadaan meelbaas hin nyaaru

20. Biifnee roorroof hin sarmine

21. Raabaaf dooriidha qabu

22. Taankiif jeettiidhaan dhuftus

23. Dhaloonni qubee kuni

24. Sodaa qawweee hin qabu

25. Ajjeeseetu dibata

26. Du'us gumaasaa hin dhabu (2)

27. Numatu baasa gumaakee

28. Gara laafuun hammeenyaa

29. Diina nutti bittekaa

30. Harreedhaaf hokaa haamnaan

31. Garbuu malee jettekaa

32. Kan quba itti qabantu

33. Quba namatti qaba

34. Qaaraa harkaan dhaabaniitu

35. Booddeen ishii nama guba

36. Nama haaloo hin baafanne

37. Nama lammiif hin falmanne

38. Dugdarraa hin dhabdu quba

39. Hamattuu quba quba

40. Siin dhaama yaa namana

41. Yaa namicha firakoo (2)

42. Yaa diimaa diinaaf dibbee

43. Tulluun sitti jiguumoo

44. Namni sijjiguu wayya?

45. Afaan namaan dubbatta

46. Akka tamboofi gaayyaa

47. Duutuus awwaalcha hin qabdu

48. Baddus barbaacha hin qabdu

49. Koottu lammii kee siif wayya(2)

50. Gogombisee … irra marsee qabiirraa (2)

51. Nan dhufa jedhee yoom hafee

52. Nan lolas jedhee yoom rafe?

53. Dheeratus karaan nana hambisu,hin hafu sirraa

54. Yoon hafes garaan nan raffisuu

55. Diina qee'e roorrisuu

56. Akkamiin Lammiitti Callisu?

57. Boorataan kan booree qabuu

58. Kormatu lagaa bookkisaa

59. Lafti yoo barii dimimmisaa

60. Hantuuta lubbuudhaan jirtuu

61. Bofatu jiraa liiqimsa

62. Diinni haqa keenya dhidhimsa

63. Dandeenyu hundeen buuqqifnaa

64. Yoo diddee ilmoo itti guddifna

65. Diina buqqisuudhuma qabna……………………………………………..

66. Kan gaaf duraarree gumaan hin bane jedha kuni

67. Dubbiin jabaattee mirgaaf biyyaaf falma dhaloonni

68. Har'uma jabeessii bullaan lafee taati tiruuni

69. Mirga uumamaallee nurraa mulquuf jirti jarreeni

70. Hulaa hin baniinii bobaa jalaan seenti gadheeni

71. Dallaa jabeessii abbaadhumaan tolti qe’eeni jedhiini (2)

72. Ijaarsa kee tolchi jedheenii (2)

73. Abbaadhumaan tolti qeenii jedhiinii (2)

74. Gumaas hin nyaannu maallaqaanii jedhiinii (2)

75. Ajjeefnee baafanna dhiigaanii jedhiinii (2)

76. Sodaa Qawwee hin qabnu jedhiinii (2)

77. Of kabachiisu dhiigumaanii jedhiinii (2)…………………………….

78. Xinnoo hin qabdu diina hin tuuffatiini

79. Gaayyoonuu dhiira okkolchiisaa

80. Hin amaniin alagaan bineensa

81. Bishaan si nyaachisee si kofalchiisa

82. Nu callisnaan arba ciise seete

83. Nu dammaqnaan boolla meeqa buute

84. Akka dhukaafteef silaa dhumneerra

85. Gamtaan lolle kanumaaf cimneeerra

86. Gogombisii irra marsi gogombisii irra marsi

87. Harki mirga kooti cabnaan

88. Mee harki bitaa maal harkaa?

89. Sana hubataatu arga

90. Ormi yoo dhiichifatu cidhaa

91. Keenyawoo lammiin mana hidhaa

92. Nullee akka dhiichifnu fedha

93. Ormi yoo burraaqee kolfuu

94. Koo garaan didi gaammachuu

95. Jaallan koo dhuman dagachuu

96. Gootatu gumaa baafataa

97. Gowwaa bineensaa boollaa tokkotti sagal waraanuu

98. Wayi lugna taanee tooftaa dhabaaf turre duraanuu

99. Hayyuun wal taatee biyyaaf alaa walitti asaasaa

100. Lubbuu hin sodaannee harka qullaa morma rasaasaa

101. Onnees jennan sanyii Taaddeeti bar dhaloonni

102. Gama hiccitiin Sadam Saadooti jedhiini (2)

103. Sodaa qawwee hin qabnu jedhiinii (2)

104. Of kabachiisu dhiigumaani (2)

105. Damma of dibdanii afaanii jedhiini (2)

106. Maalum nu sossobdu malaanii jedhiini (2)

107. Araara kee hin feenu jedhiinii (2)

108. Ajjeefneetu baafanna dhiigaani jedhiinii (2)

109.sitti jiguuf jira gaarri jedhiini (2)

110. Bilisummaa keenya araarri jedhiini (2)

# Dabalee B

## Amalakee

1. Amalakee yaa shoreekoo miidhagakee
2. Daandii qal'oon nama geessa qee warrakee (2)
3. Ilmaan sakuu waatu waame
4. Kaaniin qotee kaaniin meese…ohoo…
5. Sanyiin facaasneen daraarraan
6. Eenyutu haamee cagachiise?
7. Ennaa Amboon duumessaahu
8. Beegii irraan qaqawweessa
9. Na jaalannaan murteeessi
10. Ani hin fedhu ilmoo dabeessa..hoo..
11. Amalakee waan ofiikoo yaa obsa kee
12. Shaggarirraan nama baasa qeen warrakee (2)
13. Baddaa gubbaarra roobe Jigaa
14. Karaa cufe lolaanii
15. Ilaallachaa as deemii lattuu
16. Naraafamtii garaanii
17. Jibaa qilleensi hin raasu
18. Muunyoon eeboo qarsiise
19. Anoo jibbaan sin beeku lattuu
20. Gidiraa na barsiise
21. Muree mureen ijaara jigaa
22. Akka bineensi hin seenne
23. Hatee hateen silaala jigaa (2)
24. Hatee hateen silaala shore
25. Akka alagaan hin beekne
26. Farda Barraa Gammadaa
27. Abbaa makooti maqaan
28. Hee wal dhabne hin yaadda'iin
29. Turree wal geenya haqaan

30. Salgan haroo abbaa makoo
31. Iddoo gabaa hin qotanii
32. Dur manni keenya asoo
33. Gamoo itti ijaarratanii (2)
34. Essa,kam?  hee.. heehee… heehee
35. Beeljigii bitee jimaani (2) yaa dharraakoo
36. Qawwee bitu gaafa roorroo
37. Guuyyaan coommataa warri durgoo qabu
38. Maal maal ariifata namni faana qabu.
39. Kan konkonni foon muru
40. Kan guntunni qara eeboo
41. Yaa Dharraanee jaalannaan jaal'u sorooroo
42. Siif jechan dhufe daggala luuccesse
43. Jirtaaf hin jirtuu keetu na yaaddesse
44. Kotte duudaan yaate kuunnoo
45. Kotte duudaan yaate kuunnoo keessa yaa Dharraatoo
46. Laga harree dur loontu dheeda
47. Haammadhu citaa manaan ijaarrattaa
48. Seenaa qoradhu bor ittiin dhaadatta
49. ennaa dhaama  hin waakkatiini
50. Narraa turtee hin waakkatiin yaa Dharraatoo
51. Na waammadhu siin arreeda
52. Essa essa mee hubadha
53. Ol na qabi……………….urgufi
54. Amalakee yaa shoreekoo miidhagakee
55. Daandii qal'oo nama geessa qee warrakee
56. Manni keenya gara gooroo amalakee
57. Inni ammaa qaallittidha hooooooo
58. Iyyaafachaa natti koottu amalakee
59. Fuullee gamaan qilinxoodhaa hoooooooo
60. Walisoo irraan roobni roobee amalakee

61. Dirree Incinnii loontu dheeda hooooooo
62. Achumaan koottu na ilaali amalakee
63. Siin dharra'u sin araadaa hooooooo
64. Amalakee waan ofiikoo yaa obsakee
65. Karaa Bachoo nama baasa qeen warra kee
66. Jaamaan ulee gannaani
67. Mee akkamiin haa deemu?
68. Barkuusa jaalalati atoo
69. Caqasi siifan dhaama
70. Abbichuu irraan marmaara shore
71. Narraa dhumte kopheen koo
72. Turtee garaa hirtaare lattu
73. Anoo suma abdiin koo
74. Eegee addaata boorri jigaa
75. Lakkuu dhalte re'een koo intalaa
76. Baraan wareega laanna nutoo
77. Baraan wareega laanna nuni
78. Hadiyyoomte qeen koo haa haaaaaaaa
79. Garbuu qoteen randa gooroo
80. Maaliif haamtani kichuu
81. Osoo jirruu waldhabne
82. Naaf laga labda michuu
83. Saawwantu hora dhugaa hee … heee
84. Anoo inni karri tokkoo
85. Wal dharra'aas hin hafnu
86. Har'as yoo taate rakkoo
87. Har'a nu miitu rakkoon
88. Wayi tulluu Alii ya dheertuu (2)
89. Lagni mogee marfataadha
90. Salaleen bu'a gara Fiichee kana
91. Suman leellisa erga jidduu kanaa

92. Dharraanee koo maaltu dhaane?
93. Hawwineekoo maaltu dhaane yaa Dhaarraatoo?
94. Sabbanni ishee hiikktaadha
95. Onnee jaalalamoo jibbitu nu fixe?
96. Jaalala jedhu kan kolfaan nu fixe
97. Garaan jaalalaa na boohe
98. Onneen jaalalaas si boohe yaa Dharraatoo
99. Nu wal dhamnaa hin yaadda’iini
100. Qaboo qabannee wajjin oolla sirba
101. Yoo tulluu ta’es maaltu waan isaa jibba
102. Yoo milkoofneef ammam geessi?
103. Yoo qajeeles ammam geessi yaa dharraatoo
104. Ayyaanni abbaakoo hin dabiin.

## Dabalee ‘C’ Qaaccessa Fayyadama Jechootaa

## Fayyadama Mammaaksaa

6 Golaaf Goolloon kan abbaa

29 Harreedhaaf hokaa haamnaan Garbuu malee jettekaa

31 Kan quba itti qabantu quba namatti qaba

33 Qaaraa harkaan dhaabantu booddeen ishii nama guba

67 Har’uma jabeessi bullaan lafee taati tiruun

96 Gowwaa bineensaa boolla tokkotti sagal waraanu

## Fayyadama jechamaa

7 keessummaan diinqa hin gahu

81 Nu callisnaan arba ciise seete

16 Naraafamti garaanii

14 Kotte duudaan yaate kuunnoo keessa

## Malleen Dubbii

## Nameessa

18 Gadaan meelbaas hin nyaaru

30 Garbuu Malee jettekaa

78Gaayyoonuu dhiira okkolchiisa

97 Garaan jaalala na boohe

98 Onneen jaalalaas si bohe

## Arbeessuu

69 Hulaa hin baniin bobaa jalaan seenti gadheen

39 kan konkonni foon muru

40 kan guntunni qara eeboo

## Akkasaa

44 Afaan namaan dubbatta akka tamboofi gaayyaa

## Mitihee/Eemtii

44 Afaan namaan dubbatta

63 Sin dharra’u sin araada

## Ciigoo

54 Diina qee irraa roorrisu

55 Akkamiin lammiitti callisu?

## Jechoota Waliinaa

1 Doloolloo = Riqicha

6 Gola = Goolloo

15 Dubbii = Hiccitii

46 Du’a = Awwaalcha

47 Baduu = Barbaacha

72 Abbaa = qe’ee

5 Sanyii = Facaasuu

83 Saawwa = Hora

## Jechoota Loogaa

7 keessummaan diinqa hin gahu

77 xinnoo hin qabu diinni hin tuuffatiin

## Jechoota Guyyuu

2 Doloolloof riqicha ijaarree

3 Galaanni akkam haata’u

4 Atillee yaa keessummaa

8 Bodee abbaa shiraan qaba

22 Dhaloonni qubee kun

16 Odaan guyyaa hin daraaru

18 Gadaan Meelbaas hin nyaaru

21 Taankiif jeettiidhaan dhuftus

57 Kormatu lagaa bookkisa

73 Gumaas hin nyaannu maallaqaani

13 Gamoo itti ijaarratani

78 Hadiyyoomte qeen koo

## Dabalee ‘D’ Fayyadama Caasaa

### Cimsoo/ irra deddeebii

101 Gama hiccitiin Sadam Saadootii jedhiini (2)

102 Sodaa qawwee hin qabnu jedhiini  (2)

103 Of kabachiisu dhiigumaani jedhiini (2)

104 Damma of dibdanii afaanii jedhiinii (2)

105 Maalumaa nu sosobdu malaanii jedhiinii (2)

106 Araara kee hin feenu jedhiinii (2)

107 Ajjeefneetu baafanna dhiigaani jedhiini (2)

108 Sitti jiguuf jira gaarri jedhiini (2)

109 Bilisummaa keenya araarri jedhiini (2)

## Bakkisoo

3 Galaanni akkam haata’u

6 Golaaf goolloon kan abbaa

7 Keessuummaan diinqa hin gahu

## Maljoo Hi’eentaa

52 Dheeratus karaan nan hambisu hin hafu sirraa
65 Kan gaaf duraarree gumaan hin baane jedha kuuni
93 Koo garaan dide gammachuu

## Mirkansoo

25 Du’us Gumaasaa hin dhabu

26 Numatu baasa gumaakee

## Hima Ajajaa

48 Koottu Lammii kee siif wayyaa

64 Diina buqqisuudhuma qabna

77 Xinnoo hin qabdu diina hin tuuffatiin

### Hima Himamsaa

90 Keenyawoo Lammiin Mana hidhaa

95 Gootatu gumaa baafata

Dabalee ‘E’Ergaa Fayyadam Afaanii

## Gootummaa

8 Bodee abbaa shiraan qaba

9 Kan diree keessa dhahu

19 Biifnee roorroof hin sarmine

20 Sodaa qawwee hin qabnu

100 Onnees jennaan sanyii Taaddeeti bar dhaloonni

## Mirgaan Galuu

11 Keessummaan diinqa hin gahu

74 Ajjeefneetu baafanna dhiigaanii

76 Of kabachiisu dhiigumaani

85 Gogombisii irra marsi gogombisi irra marsi

## Waadaa Eeguu

12 Du’a abbaa koo haata’u

25 Du’us gumaa isaa hin dhabu

101 Gama hiccitiin Sadam Saadooti

95 Gootatu gumaa baafata

64 Diina buqqisuudhuma qabna

25 Akka alagaan hin hin beekne

## Tokkummaa

71 Ijaarsa kee tolchi

84 Gamtaan lollee kanumaaf Cimneerra

98 Hayyuun wal taate biyyaaf alaa walitti asaasa

17 Jibaa qilleensi hin raasu

## Ejjennooo Qabaachuu

42 Siif Jechan dhufe daggala luuccessee

72 Turtee garaa hirtaaree Lattuu

## Kaayyoo Tokkoof Waltumsuu

66 Dubbiin jabaattee Mirgaaf biyyaaf falma dhaloonni

7 Ennaa Amboon duumessaahu

8 Beegii irraan qaqawweessa

76 Baraab wareega laanna

## Abdii

58 Lafti yoo barii dimimmisa

109 Bilisummaa keenya araarri

29 Turree wal geenya haqaan

## Jaalala

9 Na jaalannaan murteessi

19 Anoo jibbaan sin beeku Lattuu

23 Hatee Hateen silaala Jigaa

68 Barkuusa jaalalaati atoo

91 Suman leellisa erga jidduu kanaaa

97 Garaan jaalalaa na boohe

## Hayyoomu

96 Gowwaa bineensaa boolla tokkotti sagal waraanu

48 Seenaa qoradhu bor ittiin dhaadattaa

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon armaan gadiitti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatin ta'uu isaa, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa___WARQINAA LACHIISAA

Mallattoo______________

Guyyaa _______________

Ani Addunyaa Barkeessaa (Dr.) barataan kun qorannoon isaa ofirraa ittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa______________________

Mallattoo________________________

Guyyaa________________________